



**MANA HOJII ABBAA ALANGAA WALIIGALAA  
OROMIYAA**

**የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ  
OROMIA ATTORNEY GENERAL**

**MAANUWAALII KENNIINSA TAJAJILAA DHIMMOOTA  
HARIIROO HAWAASAA DANTAA UUMMATAA FI  
MOOTUMMAA**

Fulbaana, 2012

Finfinnee

## Baafata

Seensa .....	1
Kutaa Tokkoffaa	
Haala Waliigalaa.....	1
Kutaa Lama	
Haala Waliigalaa Kenniinsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa .....	5
Kutaa Sadii	
Kenninsa Tajaajila Gorsa Seeraa.....	6
Kutaa Afur	
Kenniinsa Tajaajila Dhimmoota Waliigaltee .....	8
Kutaa Xiqqaa Tokko	
Wixinee Waliigaltee Qopheessuu Fi Gulaaluu .....	8
Kutaa Xiqqaa Lama	
Dhimmoota Bu'uuraa Wiixinee Waliigaltee Qopheessuu Yookiin Gulaaluu Keessatti Xiyyeeffannoo Argachuu Qaban.....	11
Kutaa Shan	
Akkaataa Adeemsa Mala Filannoo Biroon Waldiddaa Hiikuutiin Dhimmootni Waldhabdee Hariiroo Hawaasaa Itti Hiikkatan .....	16
Kutaa Jaha	
Tajaajila Falmii Hariiroo Hawaasaa Fi Kallattii Falmiin Itti Gaggeeffamu .....	23
Kutaa Xiqqaa Tokko	
Qoodiinsa Aangoo Dhimmoota Falmii Fi Gahee Abbaa Alangaa .....	23
Kutaa Xiqqaa Lama	
Dhimmoota Famiidhaan Dura Raawwatamuu.....	25
Kutaa Xiqqaa Sadii	
Adeemsa Falmii Dhaaddachaa.....	28
Kutaa Xiqqaa Afur	
Adeemsa Murtii Saffisaa (Summary Procedure) .....	30
Kutaa Xiqqaa Shan	
Adeemsa Oliyataa .....	30
Kutaa Xiqqaa Jaha	
Murtii Raawwachiisuu .....	32
Kutaa Toorba	
Sirna Deggersaa, Hordoffii Fi To'annoo Dhimma Hariiroo Hawwaasaa Manneen Hojii Mootummaa Fi Dhaabbilee Misoomaa.....	33
Kutaa Saddeet	
Ga'ee Fi Walitti Dhufeenya Manneen Hojii Mootummaa Fi Dhaabbileen Misooma Mootummaa Dhimma Hojii Hariiroo Hawwaasaa Keessatti Mana Hojichaa Waliin Qaban .....	36
Kutaa Sagal	
Dhimmoota Adda Addaa.....	44

# SEENSA

Hojii dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa manneen hojii Mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi jaarmiyaalee uummataa keessatti bittinaa'ee ture giddu-gala tokkoo jalatti hoogganuu fi Aangoo dhimmicha irratti mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaaf Labsii Lak. 214/2011 tiin kenname hojiirra oolchuun tajaajilicha si'ataa, qulqulluu fi dhaqqabamaa taasisuuf maanuwaalii hojichi ittiin hoogganamu qopheessuun waan barbaachiseef;

Dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa ilaalchisee qoodiinsa hojii qaama hojicha raawwatuu fi sadarkaa hojichi itti raawwatamu maanuwaalii kanaan murteessuudhaan mana hojichaa fi caasaalee isaa akkasumas manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa keessatti sirni to'annoo fi hordoffii hojiirra akka oolu taasisuuf barbaachisaa waan ta'eef akkasumas qabeenya mootummaa fi uummataa sababa Malaammaltummaa fi hojimataa badaaf qisaasamaa jiru deebisiisuuf;

Namoota harka qaleeyyii ta'an yookiin namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gaheefi himata dhiyeeffachuufi falmuuf humna hin qabne akkasumas namoota himannaa hariiroo hawaasaa banuuf yookiin falmachuuf humna dhaban keessumaayyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaafi maanguddootaaf tajaajila deeggarsa seeraa taasisuun mirgi isaanii akka kabajamuuf manuwaalii baasuu fi hojimaata iftoomina qabu diriirsuun waan barbaachiseef;

Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa manuwaalii hojii kana baasee jira.

## KUTAA TOKKOFFAA

### HAALA WALIIGALAA

#### 1. Mata duree Gabaabaa

Maanuwaaliin Kun, "Maanuwaalii hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Uummataa fi Mootummaa" jedhamee waamamuu danda'a.

#### 2. Hiika Jechootaa

Akkaataan itti fayyadama jechichaa hiika biroo Kan kennisiisu yoo tahe malee Maanuwaalii kana keessatti:-

- 1) **“Abbaa Adeemsa”** jechuun Abbaa Adeemsa Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa yookiin Abbaa Adeemsa Hojii Dhimmoota Falmii Seeraa Aanaa yookiin Magaalaa jechuudha.
- 2) **“Abbaa Alangaa”** jechuun ogeessa seeraa ogummaa Abbaa Alangummaatiin akka tajaajilu bu’uura Qajeelfama Ramaddii Abbootii Alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa yookiin Dambii Ittiin Bulmaata Abbaa Alangaatiin muudame yookiin ramadame jechuudha.
- 3) **“Abbaa Alangaa Waliigalaa”** jechuun Hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 4) **“Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hoogganaa Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraa”** jechuun itti aanaa hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa ta’ee Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraa kan hoogganu jechuudha.
- 5) **“Mana Hojii”** jechuun Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 6) **“Daayirektera** jechuun Daayirektera Daayirektoreetii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa jechuudha.
- 7) **“Caasaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa”** jechuun Caasaalee Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa sadarkaa Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaatti hundaa’ee jiruu fi dhaaddachaalee dhaabbii Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa kan dabalatu jechuudha.
- 8) **“Dhaaddacha Dhaabbii”** jechuun dhaddacha dhaabbii sadarkaa naannootti Wirtuu Bahaa, Lixaa fi Kibba Oromiyaarrattiin Mana Hojichaatiin hunda’an jechuudha.
- 9) **“Itti Gaafatamaa”** jechuun Itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaa jiran jechuudha.
- 10) **“Mana Hojii Mootummaa”** jechuun Manneen Hojii Mootummaa Naannichaa guutummaan guutuutti yookiin gar-tokkeen baajata mootummaa naannichaatiin bulan ta’ee hojiiwwan mootummaa naannichaa kamiyyuu kan keessatti raawwatamu jechuudha.
- 11) **“Dhaabbata Misoomaa Mootummaa”** jechuun mootummaan naannichaa ga’ee abbaa qabeenyummaa kan keessaa qabu yookiin guutumaa guutuutti yookiin gar-tokkeen miseensa waldaa aksiyoona kan keessatti ta’e, dhaabbata misoomaa mootummaa yookiin waldaa aksiyoona kamiyyuu jechuudha.
- 12) **“Jaarmiyaalee ummataa”** jechuun haalawwan kamiiniyyuu miseensota yookiin uummata irraa maallaqa yookiin qabeenya walitti qabame yookiin tajaajila uummataaf yaadamee maallaqa yookiin qabeenya walitti qabame yookiin qaama qabeenya biroo kana bulchu yookiin kubbaaniyyaa roga qabeessa qabu kan dabalatu dame dhuunfaa yoo ta’u kanneen armaan gadii hin dabalatu:

- (a) Dhaabbata Amantaa;
- (b) Dhaabbata Siyaasaa yookiin Paartii;
- (c) Dhaabbata Idil Addunyaa; fi
- (d) Afooshaa fi haala wal fakkaatuun waldaa qabiyyee aadaa fi amantaa kan qaban.

- 13) **“Mana Murtii”** jechuun Caasaalee Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Sadarkaa Sadarkaan jiran jechuudha.
- 14) **Garee waliigaltee seenan”** jechuun waliigaltee tokko keessatti gareewwan dirqamaa fi mirga of danda’e qabanii fi waliigalticha seenuudhaaf dandeettii kan qaban jechuudha.
- 15) **“Mala Filannoo Biroo Waldiddaa Ittiin Hiikamu”** jechuun Manneen hojii mootummaa walii isaanii jidduutti ykn manneen hojii mootummaa fi qaama biroo jidduutti ykn harka qalleeyyii fi qaamolee biroo jidduutti dhimmoota hariiroo hawaasaa irratti waldhabdee keessa yoo seenan waliigaliinsaan (negotiation), araarsuu ykn waltaasisuu (Mediation) ykn jaarsummaa (Arbitration) fayyadamuudhaan mala ittiin waldhabdeen hiikkamu jechuudha.
- 16) **“Garee Mala Filannoo Biroon Waldiddaa Hiiku”** jechuun waldhabdee dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa walii isaanii jidduutti ykn dhaabbata/Namoota dhuunfaa fi manneen hojii mootummaa jidduutti, ykn namoota dhuunfaa jidduutti uumaman osoo gara mana murtii hin deemin duras ta’e booda hiikuudhaaf garee Caasaalee Mana Hojichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran keessatti qaama hundaa’e dha.
- 17) **“Ogeessa Seeraa”** jechuun nama barumsa seeraatiin eebbifame ta’ee, manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa keessatti tajaajila ogummaa seeraa kennuudhaaf kan qacarame, kan bakka bu’e ykn kan muudame jechuudha.
- 18) **“Dantaa uummataa fi Mootummaa”** jechuun dhimmoota mirgaa fi faayidaa dinagdee fi hawaasummaa ummataa fi mootummaa wajjiin kan walqabatan kamiyyuu jechuudha.
- 19) **“Garee Abbootii Alangaa”** jechuun miseensota Abbootii Alangaa gareewwan Daayirektoreeticha yookiin Adeemsicha keessa jiraniin dhimmoota Hariiroo Hawaasaa irratti dhihaatan murteessuuf sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa, Dhaddachaalee dhaabbii, Godinaa, Aanaa yookiin Magaalaatti hundaa’e jechuudha.
- 20) **“Paanaalii Waliigalaa”** jechuun dhimmoota hariiroo hawaasaa sadarkaa Garee Abbootii Alangaa Naannoo fi Dhaddachaalee Dhaabbiitti murtaa’an irra deebiin ilaaluuf sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa waliigalaatti hundaa’e jechuudha.
- 21) **“Tajaajila Gorsa Seeraa”** jechuun gorsa seeraa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa irratti manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jaarmiyaalee uummataatiif mana hojichaa fi caasaalee isaa sadarkaan

jiraniin kennamu ta'ee, gorsa seeraa namoota dhuunfaa bu'uura maanuwaalii kanaatiin taajila argachuuf mirga qabaniif kennamus kan dabalatudha.

22) **Namoota Humna hin qabne**" jechuun akkaataa Maanuwaalii kanaatti namoota harka qalleeyyii tajaajila seeraa tolaan argachuudhaaf mirga qaban jechuudha. Kunis:

- Jiraataa Naannoo Oromiyaa kan ta'ee fi dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Caasaaleen Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala sadarkaa sadarkaan jiran ilaalu danda'an waliin hidhata kan qaban ykn
- Namoota hiyyeeyyii daandii irra jiraatan ykn
- Qabeenya hin sochoone tokko illee kan hin qabne ykn qabeenya hin sochoone qabaatus qabeenyichi yeroodhaaf kireessee, wabiin qabsiisee ykn gurguree galii ittiin falmii geggeessu argamsiisuufii kan hin dandeenyee ta'uun yoo mirkanaa'e ykn;
- Qabeenya socho'aa inni qabu jireenya guyya guyyaa isaarra darbee tajaajila birootiif ooluu kan hin dandeenyee yoo ta'e ykn;
- Namoota yakkaan miidhaan qaamaa cimaan irra gahee fi mirga isaanii hariiroo hawaasaatiin kabachifachuu hin dandeenyee ykn;
- Namootni saaxilamoo (vulnerable groups) ta'an kanneen akka dubartoota, Daa'imman, Qaama Miidhamtoota, Manguddootaa fi kkf ta'anii qabeenya yoo qabaatanillee haala kamiinuu qabeenya qaban irratti ajajuun mirga isaanii kabachiifachuu haala isaan hin dandeesifnerra kan jiran yoo ta'e;dha
- Namoota saaxilamoo (vulnerable group) ta'an yoo ta'an malee kanneen biroo akkaataa maanuwalii kanaatiin tajaajila seeraa bilisaa argachuuf mirga qaban kaffaltii abbaa seerummaa kaffaluu kan danda'an ta'uun kan mirkanaa'e yoo ta'e mirgi tajaajila bilisaa argachuu isaanii addaan ni cita.

### 3. Ibsaa Koornayaa

Maanuwaalii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### 4. Daangaa Raawwii Maanuwaalichaa

Maanuwaaliin Kun:

- ✓ Gosoota tajaajilaa maanuwaalii kana keessatti caqafamanii akka raawwataniif Mana Hojichaa fi caasalee isaa sadarkaa sadarkaan jiran irratti ;
- ✓ Manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jaar-miyaalee uummataa tajaajila seeraa Maanuwaalii kana keessatti caqafaman argachuudhaaf mirga qaban ykn gaaffii tajaajila seeraa dhiyeessuudhaaf dirqama qaban irratti;

- ✓ Namoota tajaajila seeraa manuwaalii kanaan hammatame argachuudhaaf mirga qabani irratti raawwatinsa ni qabaata.

## KUTAA LAMA

### HAALA WALIIGALAA KENNIINSA TAJAAJILA DHIMMOOTA HARIIROO HAWAASAA

#### 5. Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Ilaalchisee Aangoo fi Gahee Mana Hojichaa fi Caasaalee Isaa

Manni Hojichaa fi caasaaleen isaa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa kabachiisuu ilaalchisee Aangoo fi gahee armaan gadii ni qabaata.

- 1) Manneen Hojiifi Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannichaa, akkaataa barbaachisummaa isaatti jaarmiyaalee ummataa bakka bu'ee himata hariiroo hawaasaa ni hundeessa; ni falma; deebii ni kenna; dhimmoota falmiin jalqabame gidduu seenuudhaan ni falma; murtii kenname bu'uura seeraatin ni raawwachiisa;
- 2) Waliigalteewwan manneen hojiifi dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaa qaama biroo waliin taasisan ilaalchisee seera qabeessummaa isaa ni xiinxala; gorsaafi deeggarsa seeraa ni kenna;
- 3) Dhimma hariiroo hawaasaa manneen hojii yookiin dhaabbileen misooma Mootummaa Naannichaa irratti walddhaban ilaalchisee dhimmichi mana murtii yookiin mana murtiin ala mala filannoo jiruun akka furamu ni murteessa; bu'uura murtichaatiin raawwatamuu isaa ni mirkaneessa;
- 4) Namoota himannaa hariiroo hawaasaa banachuuf yookiin falmachuuf humna dhaban keessumaayyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaafi maanguddoota bakka bu'ee ni falma; akka falmamu ni taasisa;
- 5) Namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gaheefi himata dhiyeeffachuufi falmuuf humna hin qabne bakka bu'ee beenyaa akka argatan himannaa hariiroo hawaasaa ni dhiyeessa; ni falma yookiin walta'iinsa ni taasisa.

#### 6. Qoodiinsa Aangoo fi Gahee hojii Mana hojichaa fi caasaalee isaa

Hojiiwwan dhimmoota Hariiroo hawaasaa ilaalchisee aangoo fi gaheen hojii mana hojichaa fi caasaalee isaa dhimmoota armaan gadii bu'uura godhachuun kan qoodamu ta'a:

##### 1) Dhimma gorsa seeraa ilaalchisee

a) Ciminaa fi wal-xaxiinsa dhimmichaa, fi

b) Sadarkaa (Aanaa/Magaala, Godina yookiin Naannoo) manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaalee ummataa dhimmichi irraa dhiyaatee

##### 2) Wixinee waliigaltee bulchiinsaa gulaaluu ilaalchisee

- a) Ciminaa fi wal-xaxiinsa dhimmichaa, fi
  - b) Sadarkaa Manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaalee ummataa dhimmichi irraa dhiyaatee
- 3) Falmii Hariiroo Hawwasaa fi raawwii murtii ilaalchisee aangoo abbaa seerummaa manneen murtii sadarkaa irra jiranii irratti kan hundaa’u ta’a.

## KUTAA SADI

### KENNINSA TAJAJILA GORSA SEERAA

#### 7. Qaamota Mana Hojichaa fi Caasaalee Isaatiin Tajaajilli Gorsa Seeraa Kennamuuf

Manni hojichaa fi Caasaaleen isaa tajaajilla gorsa seeraa qaamolee armaan gadiitiif kan kennu ta’a:

- 1) Manneen hojii mootummaa
- 2) Dhaabbilee Misooma Mootummaa
- 3) Jaarmiyaalee ummataa
- 4) Namoota harka qaleeyyii ta’an yookiin namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gaheefi himata dhiyeffachuufi falmuuf humna hin qabne
- 5) Namoota himannaa hariiroo hawaasaa banuuf humna dhaban keessumaayyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaafi maanguddoota

#### 8. Akkaataa Gaaffiin Tajaajilli Gorsa Seeraa Ittiin Dhiyaatu fi Kennamu

- 1) Gaaffiin tajaajila gorsa seeraa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa irratti manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaalee ummataa irraa dhiyaatu Daarektoreetii Dhimmoota Hariiroo Hawwasaa yookiin caasaalee isaa sadarkaa sadarkaadhaan jiranitti ta’a.
- 2) Manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaalee ummataa gaaffii tajaajila gorsa seeraa dhiyeessan ykn gaafatan Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa isaaniitti jiraniif kan dhiyeessan ta’a.
- 3) Dhimmi gaaffii tajaajila gorsa seeraa gaafatamu waliigaltee duraan caasaalee Mana Hojichaa sadarkaadhaan jiraniitti gulaalame yookiin deeggaree qophaa’ee irratti kan gaafatamu yoo tahe, gaaffiin dhiyaachuu kan qabu caasaa Mana Hojichaa waliigalticha gulaalee ykn deeggaree qopheesseetti ta’a.
- 4) Manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaalee ummataa tajaajila gorsa seeraa caasaalee Mana Hojiichaa sadarkaadhaan jiraniin kennameef irratti kan hin quufne yoo tahe komii isaanii caasaa sadarkaa itti aanutti dhiyeffachuu ni danda’a.

- 5) Gaaffiin tajaajila gorsa seeraa manneen hojii mootummaatiin kan dhiyaatu yoo ta'ee qaamaan, bilbilaan, barreeffamaan poostaadhaan ykn imeeliidhaan dhiyaachuu ni danda'a.
- 6) Gaaffiin tajaajila gorsa seeraa dhiyaatu bilbilaan yookiin qaamaan yoo ta'e, namni gaafficha dhiyeessu qaama tajaajila gaafaturraa xalayaadhaan kan bakka bu'e ta'uu qaba.
- 7) Gaaffii tajaajila gorsa seeraa manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaalee ummataatiin dhiyaatu barreeffamaan yoo ta'e, lakkoofsa, guyyaa, mallattoo Hoogganaa ykn I/A/Hoogganaa fi chaappaa qaama gorsa gaafatuu qabaachuu qaba.
- 8) Gaaaffiin tajaajila gorsa seeraa namoota maanuwaalii kana keewwata 5 keewwata xiqqaa 4 fi 5 jalatti ibsaman ilaallatu akkaatuma barbaachisummaa isaatti qaamaan ykn bakka bu'aa isaaniitiin dhiyaachuu ni danda'a.

**9. Ulaagaa Manneen Hojii Mootummaa, Dhaabbilee Misooma Mootummaa Yookiin Jarmiyaalee Ummataa Tajaajila Gorsa Seeraa Gaafatan Guutuu Qaban**

Manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaaleen ummataa tajaajila gorsa seeraa yemmuu gaafatan:

- 1) Dhimmichi ergama, kaayyoo, aangoo fi ga'ee hojii mana hojii mootummaa, gaaffii dhiyeessee faana kan walqabatu tahuu qaba.
- 2) Qabiyyeen gaaffiichaas ragaalee ykn sanadoota barbaachisoo ta'an qabatee, bifa iftoomina qabuu fi haala namni hubachuu danda'uun dhiyaachuu qaba.
- 3) Gaaffichi darbiinsa yeroo seeraan ka'ameen kan hin daangefamne ta'uu qaba.

**10. Ulaagaa Namootni Harka Qalleeyyii Ta'an Gaaffii Tajaajila Gorsa Seeraa Gaafatan Guutuu Qaban**

- 1) Namni tajaajila gorsa seeraa gaafatu harka qalleeyyii ta'uu isaa ganda keessa jiraatu irraa ragaa agarsiisu Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa irraa dhiyeeffachuu qaba.
- 2) Namni gaaffii tajaajila gorsa seeraa dhiyeesse dhimma dhiyeesse irra dantaa kan qabu ta'uu ragaa agarsiisu dhiyeeffachuu qaba. Qabiyyeen gaaffiichaas ragaalee ykn sanadoota barbaachisoo ta'an qabatee, bifa iftoomina qabuu fi haala namni hubachuu danda'uun dhiyaachuu qaba.
- 3) Namni tajaajila gorsaa seeraa akka kennamuuf barbaaduu ykn dhimmi isaa mana murtii idileetti falmii himannaa seeraa akka gaggeeffamuuf kan barbaadu yoo ta'ee formaatii dhimma kanaaf Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala tiin qophaa'e irratti fedhii isaa mallattoodhaan ibsachuu qaba.

## **11. Ulaagaa Namootni Deggersa Addaa Barbaadan Gaaffii Tajaajila Gorsa Seeraa Gaafatan Guutuu Qaban**

- 1) Tajaajilli gorsa seeraa argachuu sababa harka qalleeyyii ta'aniif qaban akkuma eegametti ta'ee, namoonni deeggarsa addaa barbaadan kanneen akka dubartootaa, daa'immanii, qaama miidhamtootaa fi maanguddootaa qabeenya yoo qabaatan illee haala kamiinuu qabeenya qaban irratti ajajuun mirga isaanii kabachiifachuu haala hin dandeesifnerra kan jiran yoo ta'e ragaa haala isaanii ibsu ganda keessa jiraatan irraa dhiyeeffachuun tajaajila gorsa seeraa argachuu ni danda'u.
- 2) Keewwata kana keewwata xixxaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, qaamoleen gocha yakkaatiin miidhaan qaamaa cimaan irra qaqqabe kanneen akka dubartootaa, daa'immani, maanguddootaa fi qaama miidhamtoota ta'an tajaajila gorsa seeraa argachuudhaaf ragaa haala keessa jiran agarsiisu dhiyeessuudhaaf hin dirqaman.

## **12. Tajaajila Gorsa Seeraa Kennamu Ilaalchisee Daayirektoreetii yookiin Adeemsa Hojii yookiin Garee Dhimmoota Hariiroo Hawaasaatiin Raawwatamuu Qaban**

Daayirektoreetiin yookiin Adeemsi Hojii yookiin Gareen Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa:

- 1) Dhimmoota dhiyaatan ulaagaa barbaachisu guutuun kan dhiyaatan ta'uu isaanii adda baafachuun sirnaan simatanii galmeessuun ragaa isaa qabachuu;
- 2) Ragaalee tajaajila gorsa seeraatiif barbaachisaa ta'an guutanii kan hin dhiyaatne yoo tahe, guutanii akka dhiyeessan taasisuu fi bakka barbaachisaa ta'ee argamettis haala ragaan sun itti dhiyaatu irratti qaamolee tajaajila gorsa seeraa gaafataniif deeggarsa barbaachisaa taasisuu;
- 3) Tajaajila gorsa seeraa gaafatame yeroo fi istaandaardii kaa'ame keessatti kennuu;
- 4) Qaamolee maanuwaalii kana keewwata 7 keewwata xiqqaa 4 fi 5 jalatti caqafaman kanneen tajaajila gorsa seeraa barbaadaniif ofii isaaniitiin kennuu kan hindandeenye yoo ta'e abukaattoo seeraa ramaduun tajaajila bilisaa akka argatan taasisuu;
- 5) Abukaattoo seeraa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin tajaajila bilisaa akka kennu tajaajilicha sirnaan kennuu isaa Daayirektoreetii yookiin Adeemsa Hojii yookiin Garee dhimmi ilaallatu waliin qindoominaan hordofuu qaba.

**KUTAA AFUR  
KENNIINSA TAJAAJILA DHIMMOOTA WALIIGALTEE  
KUTAA XIQQAA TOKKO  
WIXINEE WALIIGALTEE QOPHEESSUU FI GULAALUU**

## **13. Qajeeltoo**

- 1) Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa kamiyyuu Waliigaltee bulchiinsaa osoo hin raawwatiin dura wixineen waliigaltichaa mana hojichaa yookiin caasaalee isaatiin gulaalamuu qaba.
- 2) Daayirektoreetiin yookiin Adeemsi Hojii yookiin Gareen Dhimmoota hariiroo hawaasaa waliigaltee bulchiinsaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa irraa dhiyaatu abbummaan simatee seera qabeessummaa akkasumas dantaa uummataa fi mootummaa mirkaneessuu danda'uu isaa ni gulaala.
- 3) Jaarmiyaalee uummataa ilaalchisee faayidaa uummataa eegsisuuf jecha gaaffii waliigaltee gulaaluu simachuu ni danda'a.
- 4) Manni hojichaa yookiin caasaaleen isaa wixinee waliigaltee qopheessuu keessatti hirmaachuun isaa faayidaa uummataa fi mootummaa ni kabachiisa jedhamee yoo itti amaname haala addaatiin wixinee waliigaltee qopheessuu irratti deeggarsa oogummaa ni kenna.
- 5) Qaamni wixinee waliigaltee qopheessuu ykn gulaalu ulaagaleen seeroota ro gummaa qabanii fi dhimmootni kan biroon barbaachisoo ta'an waliigaltee qophaa'u ykn gulaalamu keessatti guutamuu qaban guutuu isaanii mirkaneeffachuu qabu.

#### **14. Aangoo Wixinee Waliigaltee Gulaaluu fi Qopheessuu**

- 1) Wixinee waliigaltee gulaaluuf gaaffiin manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma Mootummaa yookiin Jarmiyaalee Ummataa irraa dhiyaatu mana hojichaa yookiin caasaalee isaa iddoo waliigalteen itti raawwatamutti argamuun kan raawwatamu ta'a.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, caasaaleen mana hojichaa sadarkaan jiran waliigaltee wixineessuu fi gulaaluu keessatti dhimmoota deeggarsa qaama olii barbaadan jedhanii itti amanaman irratti qaama olitti aanee jiru mariisisuu ni danda'u. Qaamni oliis dhimmoota wixinee waliigalteen wal-qabatan irratti yeroo yeroodhaan hordofuu fi deeggarsa taasisuu qaba.

#### **15. Akkaataa gaaffiin Wixinee Waliigaltee Gulaaluu ittiin dhiyaatu**

- 1) Qaamoleen gaaffii wixinee waliigaltee gulaaluu mana hojichaa fi caasaalee isaaf dhiyeessan wixinee waliigaltee akka gulaalamuuf gaafatan barreeffamaan *haard-kooppii* fi *sooft-kooppiin* dhiyeeffachuu qabu.
- 2) Wixineen waliigaltee manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaalee ummataatiin gulaalliif dhiyaatu kunis lakkoofsa, guyyaa, mallattoo Hoogganaa ykn I/A/Hoogganaa fi Chaappaa qaama akka gulaalamuuf gaafatuu qabaachuu qaba.

- 3) Manni hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa dhimma ulaagaa keewwata kaana jalatti tumame osoo hinguutiin wixinee waliigaltee yoo dhiyeesse manni hojichaa fi caasaaleen isaa simachuu hinqaban.
- 4) Manni hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa odeeffannoo yookiin ragaa dabalataa waliigaltichi faayidaa uummataa fi mootummaa akka eegsisu taasisuuf gargaaru yemmuu mana hojichaa yookiin caasaalee isaatiin barreeffamaan gaafataman kennuuf dirqama qabu.
- 5) Xalayaan mana hojichaa yookiin caasaalee isaa irraa odeeffannoo yookiin ragaa dabalataa akka kennamuuf Manni hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaatti barreeffamu kunis guyyaa odeeffannichi yookiin ragichi dhiyaachuufii qabu ibsuu qaba.
- 6) Manni hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa odeeffannoo yookiin ragaa dabalataa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 4tiin gaafatame guyyaa jedhametti guutee yoo hin dhiyeessiin manni hojichaa yookiin caasaaleen isaa guyyaa dirqama irraa eegamu akka guutu gaafatamee irraa eegalee guyyaa hojii kudhan (10) keessatti yoo bahachuu baate wixinee waliigaltee akka gulaalamuuf dhiyaatee ture mana hojii dhimmi ilaaluuf xalayaan Kan deebi'u ta'a.
- 7) Manni hojichaa yookiin caasaaleen isaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 6 tiin sababa hanqina manneen hojii mootummaa yookiin daabbilee misooma mootummaatiin wixinee waliigaltee dhiyaateef osoo hingulaaliin yookiin hinsirreessiin yemmuu deebisu qaama dhimmi ilaallatuuf garagalcha gochuu qaba.
- 8) Manni hojiicha fi caasaaleen isaa odeeffannoo ragaalee wixinee waliigaltee akka gulaalamu gaafatamee fi kan gulaalamee xumuramee ragaa qabachuu qabu.

#### **16. Akkaataa Gaaffiin Qophii Wixinee Waliigaltee Itti Dhiyaachuu Qabu**

- 1) Gaaffiin deeggarsa qophii wiixinee waliigaltee kan dhiyaachuu qabu barreeffamaan ta'ee akka barbaachisummaa isaatti qaamaan, poostaadhaan, faaksii fi imeeliidhaan dhiyaachuu danda'aa.
- 2) Gaaffiin deeggarsa wixinee waliigaltee qopheessuu fudhatama yoo argate Manni Hojichaa yookiin caasaaleen isaa ogeessa qophii wixinee irratti hirmaachuun deeggarsa kennu ramadamuun wixinichi akka qophaa'u ni ta'a.

#### **17. Yeroo Wiixineen Waliigaltee Itti Qophaa'uu ykn Gulaalamuu Danda'uu**

- 1) Amallii fi qabiyyeen gaaffii wixinee waliigaltee qopheessuu ykn gulaaluu dhiyaate yeroo dheeraa kan gaafatu yoo ta'e malee gaaffiin Wixinee waliigaltee qopheessuu dhiyaatee

guyyaa hojii Mootummaa 10 (kudhan) keessatti, waliigaltee gulaaluun ammoo guyyaa 7 (toorba) kan hin caalle keessatti deebii argachuu qaba.

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, dhimmi kamiyyuu baatii tokko caala fudhachuu hin qabu.

## KUTAA XIQQAA LAMA

### DHIMMOOTA BU'UURAA WIIXINEE WALIIGALTEE QOPHEESSUU YOOKIIN GULAALUU KEESSATTI XIYYEEFFANNOO ARGACHUU QABAN

#### 18. Dandeettii Waliigaltee Bulchiinsaa Seenu

- 1) Qaamoleen waliigaltee bulchiinsaa seenan aangoo waliigalticha seenuu isaan dandeessisu qabaachuu isaanii mirkanaa'uu qaba.
- 2) Waliigaltee seenaan qaamolee mootummaa keessaa yoo ta'e waliigaltee kana seenuu kan isaan dhorku jiraachuu dhabuu isaa mirkanaa'uu qaba;
- 3) Dhaabbatni ykn namootni dhuunfaa qaamolee mootummaa waliin waliigaltee kan seenan yoo ta'e, hayyamni hojii isaanii haaromfamuu mirkaneeffachuu, gibira bara waliigaltichi itti seenamu kan kanfalan ta'uu fi dirqamoota kanneen biroo seeraan irratti gataman raawwachuu isaanii mirkanaa'uu qaba.

#### 19. Dhimma Waliigaltichi Irratti Taasifamu

- 1) Dhimmi waliigalteen irratti taasifamu seerota biyyattii fi waliigalteewwan Idil-Addunyaa kan biyyi keenya akka seera ishii gootee mallatteessite waliin kan wal hin faalleessine ta'uu qaba.
- 2) Dhimmi waliigalteen irratti taasifamu imaammata, tarsiimoo fi kallattii waliigalaa biyyattii waliin kan wal simu ta'uu, kaayyoo mana hojii mootummaa wixineen waliigaltee akka qophaa'uuf ykn gulaalamuuf gaaffii dhiyeesse waliin kan wal hin faalleessine ta'uun mirkananaa'uu qaba.
- 3) Dhimmi waliigalteen irratti seenamu aadaa fi duudhaa hawaasa naannoo waliigaltichi keessatti raawwatamu kan kabajuu ta'uu, akkasumas naamusaa fi safuu hawaasichaa waliin kan wal hin faalleessine ta'uu qaba;
- 4) Dhimmi waliigalteen irratti taasifamu dhimma raawwatamuu danda'uu ta'uu qaba.

#### 20. Fedhii Qaamolee Waliigalticha Hundeessanii yookiin Seenanii

- 1) Qabiyyee waliigaltichaa keessatti fedhiin qaamolee waliigalticha hundeessanii ykn seenanii hir'ina kan hin qabne tahuu qaba.
- 2) Qaamoleen waliigalticha hundeessan fedha yeroo kennanitti gowwomsaa ykn dhiibbaa kamirraayyuu bilisa tahuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.

## **21. Mirgaa fi Dirqama Qaamolee Waliigaltee Hundeessanii yookiin Seenanii**

- 1) Mirgii fi dirqamni qaamolee waliigaltee hundeessanii ykn seenanii qabiyyee waliigaltichaa keessatti karaa ifa ta'ee fi falmisiisaa hin taaneen tarreeffamaan ibsamuu qaba.
- 2) Mirga fi dirqama waliigalticha keessatti caqafaman dantaa ummataa fi mootummaa irraan miidhaa kan hin geessifnee ta'uu isaanii mirkanaa'uu qaba.
- 3) Mirgii fi dirqamni qaamolee waliigaltee seenanii seerota rogummaa qabaniif fi amala addaa waliigaltichaa bu'uura godhatee kan qophaa'e tahuu qaba.
- 4) Tumaan waliigalaa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, raawwii waliigaltichaa yeroo fi iddoodhaan tilamaamaa taasisuuf mirga fi dirqama waliigalticha murteessuuf, dhimmootni armaan gadii tilmaama keessa galuu qabu:
  - a) Yeroo fi fageenya iddoo waliigaltichi itti raawwatamu;
  - b) Baayyina ykn ulfaatina hojii waliigaltee fudhataa fi kennaan qabaniif akkasumas ulfaatina hojicha raawwatamuu ykn irratti waliigalamuu;
  - c) Humna namaa ga'aa ta'ee waliigaltee fudhataa fi kennaan qabachuu ilaalcha keessa kan galche tahuu;
  - d) Qabeenya ykn dandeetti maallaqa waliigaltee fudhataa fi kennaan ilaalcha keessa kan galchee tahuu isaa;
  - e) Waliigalticha keessatti waliigaltee fudhataa fi kennaan meeshaalee ykn loojistika raawwii hojii waliigaltichaaf barbaachisan qabaachuu isaanii, akkasumas dhimmoota barbaachisoo ta'an biroo ilaalcha keessa Kan galche ta'uu qabu.
- 5) Dhaabbatni ykn namni dhuunfaa waliigaltee bulchiinsaa manneen hojii mootummaa waliin seenan teessoo dhaabbataa sirrii ta'ee fi tooftaalee ittiin wal-qunnamuun danda'amu kanneen akka lakkoofsa saanduqa poostaa, bilbilaa, imeelii, faaksii fi kkf ibsuuf dirqama qaba.
- 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti Kan tumame akkuma jirutti ta'ee, dhaabbatni ykn namni dhuunfaa teessoo fi kanneen teessoo waliin walqabatan Kan jijjiire yoo ta'e yeroo baatii tokko hincaalle keessatti waliigaltee kennaan beeksiisuu qaba.

## **22. Foormii Waliigalteen Itti Qophaa'uu Qabu**

- 1) Foormiin qophii wiixinee waliigaltee barreeffamaan tahee ulaagaalee seerota rogummaa qabaniif fi dirqisiisoo ta'an keessatti ibsaman bu'uura godhatee qopha'uu qaba.
- 2) Waliigalteen qophaa'uu kamiyyuu Afaan Hojii Naannichaatiin ta'uu qaba.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan ibsame jiraatus, haala amala waliigaltichaa fi qaama waliigaltee fudhatu irratti hundaa'uun afaan birootiin dabalataan qopheessuun ni danda'ama.

- 4) Akkaataa keewwata kana jalatti ibsameen waliigalteen qophaa'e hiika irratti yoo walitti bu'e kan Afaan Naannichaatiin qophaa'eti ol'aanutummaa qabaata.

### **23. Sanadoota Qaama Waliigaltichaa Ta'an Adda Baasuun Waliigalticha Keessatti Hammachiisuu**

Qaamni wixinee waliigaltee qopheessu yookiin gulaalu sanadoota waliigalticha faana walqabachuu qabanii fi qaama waliigaltichaa ta'an, keessumattuu kanneen armaan gadii, adda baasuudhaan xiinxaluu, waliigalticha keessatti hammatamuu fi walqabachuu isaanii mirkaneeffachuu qaba;

- a) Sanadoota adeemsa caalbaasii agarsiisan;
- b) Sanadoota wabummaa kanneen akka raawwii waliigaltichaa, qabeenyaa, waliigaltee Inshuraansii, Proofoormaa fi caalbaasii jiraachuu isaanii mirkaneeffachuu.
- c) Gosa, akaakuu ykn mallattoo meeshaalee ykn tajaajila bitamuu (specifications);
- d) Yaada adda addummaa qaama sanada caalbaasii gurguruu fi bitu jidduu jiru;
- e) Agarsiiftuuwwan kanneen biroo (Catalog);

### **24. Dhimmoota Jijjiirraa Maallaqaa fi Lakkoofsa Yeroo Ilaallatan**

Waliigalticha keessatti akkaataan jijjiirraa maallaqaa fi lakkoofsi yeroo itti ibsaman ifaan kan barreeffame ta'uu qaba. Kunis,

- a) Waliigalticha keessatti lakkoofsi yeroo kan barreeffamu akkaataa lakkoofsa Itiyoophiyaa ykn Awurooppaatiin ta'uu isaa adda basuun kaa'amuu qaba.
- b) Waliigaltee keessatti barreeffamootni maallaqa hanga maallaqichaa lakkoofsaa fi jechaan sirnaan ibsamuu qaba;
- c) Jijjiirraan maallaqaa waliigalticha keessatti ibsaman kan Itiyoopiyaatiin ykn kan biyyoota birootiin ta'uu isaa adda ba'ee ibsamuu isaa mirkaneeffachuu danda'uu qaba.

### **25. Mala Waldiddaan Umamu Ittiin Hiikamu**

- 1) Qaamolee waliigaltee hundeessan jidduutti sababa waliigalichaatiin waldiddaan jidduu isaaniitti kan uumamu yoo ta'e mala waldiddaan ittiin hiikamu waliigalticha keessatti haala ifaa ta'een kaa'uu qabu;
- 2) Waliigalticha keessatti mala filannoo biroo waldiddaan ittiin hiikamu keessaa hanga danda'ametti mariidhaan ykn walta'insaan waldiddaa hiikuun dursa argachuu akka qabu waliigalticha keessatti ibsamuu qaba.
- 3) Waldiddaan mala filannoo birootiin hiikuun fedhii garee waldhabdeen gidduutti uumame irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, waldhabdeen waliigaltee manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa seenan irraa

ka'an, akkaataa mala filannoo biroo waldiddaan hiikuu Maanuwaalii kana kutaa afraffaa keessatti taa'een furmaata akka argachuu danda'uu waliigaticha keessatti agarsiisuun barbaachisaadha.

- 5) Waldhabdeewwan waliigaltee keessatti uumaman carraa gara Mana Murtii deemuu qaban hambisuun kan hin danda'amne yoo ta'ee fi garee waliigaltee seenan keessaa qaamni tokko gara mana murtii deemuu yoo barbaade dhimmicha ilaaluudhaaf aangoo kan qabu, Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa ta'uu akka qabu waliigaltee qophaa'u keessatti ifaan taa'uu qaba.

## **26. Haalli Sababoonni Humnaa Oliy Waliigaltee Keessatti Itti Ibsamuu Qaban**

Waliigalteewwan qophaa'an keessatti hiikkoon sababa humnaa olii (force majeure) jedhu hanga danda'ametti akkaataa Seera Hariiroo Hawaasaa Itiyooophiyaa keewwata 1793 tiin kan wal simuu ykn madaale ta'uu qaba.

## **27. Yeroo Waliigalteen Keessatti Raawwatu**

- 1) Wixineen waliigaltee qophaa'e ykn gulaalame raggaasifamuu kan danda'u guyyaa qaamoleen waliigaltee seenanii fi ragaalee mallatteessan irraa eegalee ta'uu isaa kan ibsu, fi guyyaa, baatii fi barri waliigaltichi hojii irra hoolu ifaan taa'uu qaba.
- 2) Dhuma wixinee waliigaltee qophaa'e ykn gulaalame irratti bakki guyyaa, maqaan guutuu, ga'ee hojii fi mallattoon qaamolee waliigaltee seenanii itti guutamu jiraachuu isaa mirkaneeffachuu.

## **28. Haala Wiixineen Waliigaltee Gulaalamee Xumurame Qaama Dhimmi Ilaaluuf Itti Ergamu**

- 1) Qaamni wixinee waliigaltee gulaalee xalayaa geggeessituutiin wixinee gulaalame qaama akka gulaalamuu gaafateef erguu qaba.
- 2) Qabxiwwan wixinee duraan dhiyaate kessatti qaama gulaaleen fooyya'an yookiin sirra'an gabaabinaan xalayaa geggeessituu waliin walqabatee wixinee gulaalamee xumuramee fi sanadootni wixinichaan walqabatan biroo qaama akka gulaalamuu gaafateef ergamuu qaba.
- 3) Qaamni wixinee gulaalee koppii wixinee gulaalamee manneen hojiitiif yemmuu ergu garagalcha xalayaa fi koppii wixinichaa mana galmeetti hafuu isaa mirkaneeffachuu qaba;
- 4) Koppiin wixinee waliigaltee gulaalamee qaama akka gulaalamu gaafateef ergamu mana hojichaa yookiin caasaalee isaatiin ilaalamuu isaa ibsuudhaaf chaappaan qaama gulaalee fuula wixinichaa hundu irratti chaappeffamuu isaa mirkaneeffachuu qaba.
- 5) Qaamni wixineen waliigaltee gulaalame ergameef akkaataa manni hojichaa yookiin caasaaleen isaa sirreesseen osoo hinjijjiiriin hojiirra oolchuu qaba.

## **29. Wabii Kabachiisa Waliigaltee**

- 1) Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa yookiin jaarmiyaaleen uummataa waliigaltee bulchiinsaa qaama kamiyyuu waliin yeroo waliigalan qaamoleen waliin waliigaltee seenan akkaataa waliigaltichaatiin raawwachuuf wabii ga'aa fi amansiisaa ta'e dhiyeessisuu isaanii mirkanaa'uu qaba.
- 2) Wabiin dhiyaatus hanga maallaqa wabummaa isaa adda ba'ee kan caqafame fi teessoon wabichaa ifaan kan barreeffame ta'uun mirkanaa'uu qaba.
- 3) Sanadootiin, maallaqaa ykn qabeenyaan raawwii waliigaltichaatiif wabummaadhaan qabsiifaman hanga hojiin waliigalticha keessatti caqafamee raawwatamuun isaa mirkanaa'uutti dirqamni wabii turuu qaba. Haa ta'uu malee, cheekii akka sanada wabiitti qabsiisuun hin danda'amu.
- 4) Odeeffannoo qabeenya fi teessoo namoota ykn dhaabbilee dhuunfaa manneen hojii mootummaa waliin waliigaltee seenanii sirnaan qabamuu qaba.

## **30. Waliigaltee Hojii Irra Oolchuu Keessatti Dhimmoota Dagatamuu Hin Qabnee**

- 1) Manneen hojii mootummaa namoota ykn dhaabbilee dhuunfaa waliin waliigaltee seenaniif kaffaltii duraa kaffaluuf haal-dureewwan waliigalticha keessatti caqafaman guutamuu isaanii mirkaneeffachuu qabu; akkasumas hanga kafaltii duraas ta'ee raawwiin isaa bu'uura Labsii Sirna Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenya Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakk. 157/2002 tiin ta'uu qaba.
- 2) Waliigaltichi bu'uura waliigaltee seenameen yeroo fi guyyaa jedhametti jalqabamuu fi xumuramuu danda'uu isaa manneen hojii mootummaa hordoffii cimaa taasisuu qabu. Hojichi bu'uura waliigaltichaatiin yeroo jedhame keessatti sababa ga'aa ta'een kan hin raawwatamne yoo ta'e, yeroo fi akkaataa waliigaltichi itti xumuramuu danda'u barreeffamaan fooyya'uu qaba. Fooyya'insa taasifamus akkaataa faayidaa uummataa fi mootummaa irratti miidhaa hin geesifneen yeroo gahaadha jedhamee tilmaamuu danda'u keessaatti akka xumuramu ta'ee barreeffamaan qophaa'ee gareen lamaaniin mallattaa'ee qaamolee ilaallatu maraaf garagalchaan beeksifamuu qaba.
- 3) Raawwii waliigaltee keessatti dhimmootni qabiyyee waliigaltichaa irratti jijjirama ykn fooyya'iinsa (variation of contract) hordofsiisan kan uumamu yoo ta'e, akkaataa ulaagaa seeroota rogummaa qaban keessatti caqafamaniin of eeggannoo barbaachisaa gochuudhaan raawwatamuu qaba. Kunis adeemsa waliigalteen jalqabaa itti qophaa'e eeggatee qaama wixinee waliigaltee qopheesse ykn gulaaleef dhiyaatee dantaa uummataa fi mootummaa kan eegsisu ta'uun isaa mirkanaa'uu qaba.

## KUTAA SHAN

### AKKAATAA ADEEMSA MALA FILANNOO BIROON WALDIDDAA HIIKUUTIIN DHIMMOOTNI WALDHABDEE HARIIROO HAWAASAA ITTI HIIKKATAN

#### 31. Haala Dhimmootni Waldhabdeen Uumaman Mala Filannoo Biroo Waldiddaa Hiikuutiin Akka Ilaalaman Itti Dhiyaatan

- 1) Manneen hojii mootummaa kamiyyuu waldhabdeen dhimmoota Hariiroo hawaasaa ilaalchisee yeroo uumamu Adeemsa Hojii Hariiroo Hawaasaa caasaalee Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala sadarkaan jiranitti barreeffamaan beeksisuu qabu. Barreefamichis gabaabinaan ijoo waldhabdeen irratti ka'e kan ibsuu fi gaaffii gaafatan kan of keessatti qabate ta'ee, mallattoo itti gaafatamaa olaanaa mana hojichaatiin kan mallattaa'e ta'uu qaba.
- 2) Haa ta'uu malee, manneen hojii mootummaa waldiddaan uumamuu isaa osoo hin beeksisin yoo hafan caasaaleen Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala sadarkaan jiran waldhabdeen dhimmoota Hariiroo Hawaasaa manneen hojii mootummaa fi qaamota biroo jidduutti uumamuu isaa bifa kamiiniyyuu yoo bira qaqqabe dhimmicha adeemsa mala filannoo biroon waldiddaa hiikuutiin akka furmaata argatu taasisuu ni danda'a.
- 3) Waldhabdeen waliigaltee bulchiinsaa manneen hojii mootummaa fi qaama biroo jidduutti uumaman mala filannootiin ilaalamuu kan danda'u waliigaltee isaanii keessatti tumame yoo jiraate dha. Haa ta'u malee waldhabdee mala filannootiin hiikuu akka danda'amu waliigalticha keessatti kan hin caqafamne yoo ta'e fedhii qaamolee waldhabdeen jidduutti uumameen kan raawwatu ta'a.
- 4) Qaamni waldhabdeen jidduu isaanitti uumame kamiyyuu dhimmichi mala filannoo biroon waldiddaa hiikutiin akka ilaalamuuf fedhii isaanii kan ibsuu qaban barreeffamaan ta'ee mallattoo hoogganaa ol'aanaa ykn bakka bu'aa mana hojichaa ykn dhabbatichaa ykn nama dhuunfaa kan qabu ta'uu qaba.
- 5) Manneen hojii mootummaa jidduutti waldhabdeen kan uummame yoo ta'ee fi isaan keessaa gareen tokkoo dhimmichi adeemsa mala filannoo biroon waldiddaa hiikutiin akka hiikkamuuf gaaffii kan dhiyeesse yoo ta'e, fedhii mana hojii mootummaa kan biroo illee gaafatamu qaba. Manni hojii gaafatames sababa ga'aa malee hayyamamaa ta'uu yoo baate ykn yeroo daangeffamee kennameef keessatti deebii kan hin kenniine yoo ta'e caasaan Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala sadarkaan jiru dantaa uummataa fi Mootummaa kabachiisuuf jecha dhimmichi adeemsa mala filannoo biroon waldiddaa hiikutiin furmaata akka argatu qajeelfama kennuu ni danda'a.

- 6) Waldhabdeen kan uumame manneen hojii mootummaa fi qaamolee biroo jidduutti yoo ta'e, dhimmichi mala filannoo biroon waldiddaa hiikutiin akka ilaalamuu danda'uuf qaamni tokko fedhii isaa akka ibsu gaaafatamee sababa ga'aa malee yeroo daangeeffamee kennameef keessatti deebii isaa kan hin kennine yoo ta'e dhimmichi bu'uura waliigaltichaatiin akka ilaalamuu hin barbaannetti fudhatamee waldhabdichi adeemsa falmii Mana Murtiitiin furmaata akka argatu Daayirektoreetiin yookiin Adeemsi Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Caasaalee Mana Hojichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiru akka qajeelchu ni taasifama.
- 7) Waldhabdeen Dhimma Hariiroo Hawaasaa namoota dhuunfaa jidduutti kan uumame yoo ta'e, dhimmichi mala filannootiin akka ilaalamuuf kan gaaffii dhiyeessuu danda'uu garee waldhaban keessaa nama humna hin qabne ykn harka qalleeyyii kan ta'een ta'a.
- 8) Qaamni sadaffaan murtiin adeemsa mala filannoo biroon waldhabdee hiikutiin kennamu na miidhuu danda'a jedhu kamiyyuu osoo adeemsi mala filannoo tiin murtiin hin kennamiin dura adeemsa kana keessatti dhimmi isaa akka ilaalamuuf iyyata isaa garee mala filannoo waldhabdee hiiktuuf dhabbateetti dhiyeeffachuu ni danda'a.

### **32. Haala Gareen Mala Filannoo Biroon Waldiddaa Hiiktuu Itti Gurmaa'an**

- 1) Waldhabdeen dhimmoota Hariiroo Hawaasaa uumaman mala filannoo waldhabdee hiiktuu jaarsummatiin akka ilaalamu kan murtaa'u akkaataa waliigatee jalqabaa keessatti tumaameen ykn dhimmichi fedhii isaanitiin jaarsummaan akka ilaalamu barreeffamaan walii galaniin garee mala filannoo biroo waldhabdee hiiktuun Caasaalee Mana hojichaa sadarkaan jiran keessatti gurmaa'een kan ilaalamu ta'a.
- 2) Gareen mala filannootiin waldhabdee hiikuudhaaf Caasaalee Mana hojichaa sadarkaadhaan jiran keessatti hundaa'u akkaataa ulfaatina dhimmichaatiin miseensoota namoota sadii hanga shanii kan of keessatti qabaatu ta'a. Miseensootni garee kunis Daayirektera yookiin Abbaa Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa sadarkaa sadarkaan jiruun dhiyaatee sadarkaa Mana Hojichaatti Itti aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hogganaa Damee Dhimmoota Falmii Seeratiin, sadarkaa caasaa mana hojichaatti immoo Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa sana jiruun kan ramadaman ta'a.
- 3) Daddachaaleen dhaabbii dhimmoota sadarkaa dhaddachaalee dhaabbitti ilaalaman ilaalchisee dhimmootni walxaxaa yookiin ulfaataa ta'anii fi miseensa dabalataan kan barbaachisu ta'ee yoo argame Daayirektoreetii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Mana Hojichaa mariisisuu danda'u.
- 4) Gareen mala filannoo biroon waldiddaa hiikuuf sadarkaadhaan dhaabbate akkaataa barbaachisummaa isaatti haqummaa dhimma dhiyaatee qulqulleeffachuuf bilbilan, xalayaadhaan ykn qaamaan bakkichatti argamuudhaan ijoo murtiidhaaf isaan gargaaru adda baafachuu ni danda'uu.

### **33. Dirqama Garee fi Miseensota Garee Mala Filannoo Biroon Waldiddaa Hiiktuu**

- 1) Gareen mala filannootiin waldhabdee hiiktuu dhimmicha dhiyaateef jaarsummaan (Arbitration) osoo hin ilaalin dura gareen waldhabdeen jidduutti uumame waldhabdee isaanii waliigaliinsaan (Negotiation) ykn Araaraan (Mediation) akka ilaalan taasisuu qaba.
- 2) Gareen mala filannoo biroon waldiddaa hiiktuu qaamolee waldhabaniif carraa walqixxee dhaga'amuu fi ragaa dhiyeeffachuu kennuuf dirqama qaba.
- 3) Garee mala filannoo biroon waldiddaa hiiktuu hojii isaanii akkaataa Maanuwaalii kanaa fi Seera rogummaa qaban kan birootiin ka'ameen raawwachuudhaaf dirqama qabu.
- 4) Miseensoonni garee mala filannoo biroon waldiddaa hiiktuu odeeffannoo ykn ragaalee adda addaa sababa hojiitiin harka isaanii seene icciitiidhaan eeguuf dirqama qabu.
- 5) Miseensi garee mala filannoo biroon waldiddaa hiiktuu barreessaa ta'ee ramadame sanadoota adda addaa fi hojiiwwan hojjetaman galmeessuun qindeessee qabachuu qaba.

### **34. Daangaa Aangoo Dhimmoota Mala Filannoo Biroon Waldiddaa Hiikuutiin Ilaaluu**

- 1) Daangaan aangoo dhimmoota waldhabdee mala filannootiin hiikuu caasaalee Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala tiin ilaalamuu kan danda'u maloota filannoo waliigaliinsaan (Negotiation) ykn waltaasisuun ykn araaraan (Mediation) tiin akka xumuramu yoo ta'e akkaataa aangoo wixinee waliigaltee bulchiinsaa qopheessuu ykn gulaaluu caasaaleen Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala sadarkaa sadarkaadhaan jiran qabaniin ta'a.
- 2) Dhimmi waldiddaan irratti uumame mala filannoo jaarsummaa (arbitration) tiin kan ilaalamu yoo ta'e caasaalee Mana Hojichaa dhimmicha mana murtiitti dhiyeesee falmuuf aangoon kennameefitti dhiyaatee ilaalamuu qaba.
- 3) Haa ta'uu malee, waldhabdeen manneen hojii mootummaa lamaa fi sanaa ol jidduutti uumaman ilaalchisee aangoon mala filannootiin ilaaluu baayyina maallaqaa jiddu galeessa osoo hin taasisin waldhabdeen manneen hojii mootummaa sadarkaa walfakkaataa irratti argaman jidduutti ka'u yoo ta'e Caasaa Mana Hojichaa sadarkaa sanatti argamutti ilaalama. Haa ta'u malee, waldhabdeen manneen hojii mootummaa sadarkaa adda addaa irratti argaman jidduutti uumame ammoo kan ilaalamuu danda'uu Caasaa Mana Hojichaa sadarkaa manneen hojii mootummaa waldhabdeen jidduutti uumame keessaa isa olaanaa biratti argamutti ilaalama.

### **35. Adeemsa Mala Filannoo Biroon Waldiddaa Hiiku Keessattii Hojiiwwan Walduraa Duubaan Hojjetaman**

Waldhabdeen mala filannoo biroon waldiddaa hiikutiin fala akka argataniif dhiyaatan kamiyyuu tartiiba armaan gadiitiin raawwatamu:

**1) Mala Waliigaliinsaatiin (Negotiation) Waldhabdee Hiikuu**

- a) Ogeessi dhimmichi dhiyaateef gareen waldhaban lamaan walitti dhiyaatanii walii isaanii faana akka waliigalaniif gorsa kennuufii, haala fi bakka mijeessuufii, akkasumas adeemsa marii ykn waliigaltee keessatti dhimmootiin addaa deggersa ogeessaa barbaadan kan mudatan yoo jiraate ammoo ogeessa barbaachisuu fi dhimmoota barbaachisoo ta'an kan biraa illee ni mijeessaa.
- b) Kanaan dura gareen waldhabdeen jidduutti uumame waldhabdee isaanii waliin ta'anii hiikudhaaf yaalii godhaniiru yoo tahe dhimmi adda ta'e yoo jiraate malee ogeessichi irra deebiidhaan akka waliigalan gaafachuu hin qabu.
- c) Gareen waldhabdeen jidduutti uumame ofii isaanitiin marii taasisuun waliigaltee (Negotiation) irra ga'uu kan hin dandeenye yoo ta'e, dhimmi isaanii mala waltaasisuu ykn araaraan (mediation) akka ilaalamu ni taasisu. Haa ta'u malee, mala waltaasisuu ykn araaraan akka ilaalamuuf fedhii kan hin qabne yoo ta'e, gara jaarsummaatiin (arbitration) akka ilaalamuuf taasisuu ni danda'u.

**2) Mala Waltaasisuun ykn Araaraan (Mediation or Conciliation) Waldhabdee Hiikuu**

- a) Yaaliin waldhabdichi waliigaluun (Negotiation) akka hiikamu erga taasifameen booda bu'aa hin argamsiifne yoo ta'e, ogeessichi qaamoleen waldhaban nama waltaasisu tokko (mediator or concilator) akka filatan gorsa ni kennaafi,
- b) Akkaataa maanuwaalii kanaatiin maloota filannoo biroo keessaa maloota waliigaluun ykn waltasisuun gareen waldhaban kan waliigaltee irra hin geenye yoo ta'e, waldhabdichi gara jaarsummaatti (arbitration) tti qajeelfama.

**3) Mala Jaarsummaatiin (Arbitration) Waldhabdee Hiikuu**

- a) Waldhabdichi mala waliigaliinsaatiin (Negotiation) ykn waltaasisuun (Mediation) hiikuun kan hin danda'amne yoo ta'e, dhimmichi mala jaarsummaatiin (Arbitration) garee mala filannoo hiiktuudhaan akka ilaalamu ni taasifama.
- b) Gaaffiin mala jaarsummaatiin akka ilaalamu dhiyaate guyyaa hojii mootummaa ja'a (6) keessatti jalqabuu qaba.
- c) Akka cimina dhimmichaatti jaarsummichi beellama yeroo 5 (Shan) kan hin caalle keessatti fala argachuu qaba. Daangaan yeroo beellamaa guyyoota hojii 6 (ja'a) kan of keessaa qabu ta'ee beellamni jalqabaa lamaan yoo xiqqaate guyyoota kudhan (10) of keessaa qabaachuu qaba. Haa ta'u malee, akkaataa walxaxiinsa fi ulfaatina dhimmichaatti ykn fedhii garee lamaanitiin gareen yeroo jedhame kana gabaabsuu

ykn dheeressuu ni danda'a. Dhimmicha mala jaarsummaatiin ilaalanii xumuruuf sababni humnaa olii yoo jiraate malee haaluma kamiinuu yoo ta'e baatii sadii caaluu hin qabu.

- d) Waldhabdeen garee lama jidduu jiru mala filannoo jaarsummaatiin akka ilaalamu yemmuu taasifamu gareen lamaanuu qabeenya ykn sanada murtiin jaarsummaa irratti raawwatamuu danda'u waabii gahaa akka dhiyyeessan gareen mala filannootiin waldhabdee hiiktuu gaafachuu ni danda'a.

### **36. Bakkaa fi Yeroo Jaarsummaan Itti Geggeeffamu**

- 1) Guyyaan adeemsi jaarsummaa itti jalqabamuu fi beellamni guyyaa sanaa itti kennamu bu'uura fedhii gareen waldhaban irratti waliigalaniin ta'a.
- 2) Gareen Waldhaban kan waliif hin galle yoo ta'e, beellamni kan kennamu murtii garee jaarsummaatiin ta'a.
- 3) Yeroon malli jaarsummaa itti gaggeeffamuu fi beellamni itti kennamu akkaataa maanuwaalii kana jalatti ibsameen ta'a.
- 4) Bakki jaarsummaan itti geggeeffamu bakka garee jaarsummaa Caasaa Mana Hojichaa sadarkaan jiran keessatti gurmaa'ee jirutti ta'a.
- 5) Dhimmicha hiikuudhaaf bakka jijjiruun barbaachisaa ta'ee yoo argame, Abbaan Adeemsa Hojii Dhimma Hariiroo Hawaasaa sadarkaan jiru iddoo kan biratti akka ilaallamu murteessuu ni danda'a.

### **37. Seerota Jaarsummaa (Arbitration) Irratti Raawwatinsa Qabaatan**

Seerotiin adeemsa jaarsummaa keessatti raawwatinsa qabaatan Seera Hariiroo Hawaasaa, Seera Adeemsa Falmii Siviilii, Seera Daldalaa fi akkaatuma barbaachisummaa dhimmichaatti seerotni biroo rogummaa qaban raawwatinsa qabaachuu ni danda'u.

### **38. Baasii fi Kisaaraa Mala Filannoo Biroon Waldiddaa Hiikutiin Keessatti Mudatu**

- 1) Mala filannoo biroon waldiddaa hiikutiin xumuruun walqabatee miseensota gareetiif baasiin kanfalamu hin jiraatu.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan ibsame jiraatus, gareedhaan ykn miseensotiin garee qaamaan argamuun dhimma tokko ilaaluun adda baafachuun murtiii haqaa kennuuf barbaachisaa ta'ee yoo argame ykn ijoon ogeessaan adda bahuu barbaachisu yoo jiraate ykn hojiiwwan biroo akka hojjetamu gareen murteessuu baasii kan gaafatu ta'ee yoo argame baasiin gama lamaaniin kan uwwifamu ta'a.

- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee qaamni gaaffiiwwan qorannoon dabalataa naaf haa taasifamu, sanadni naaf haa qoratamu, yaadni ogeessaa naaf haa fuudhamuu fi kkf dhiyeessu baasii kanaaf barbaachisuu kan uwwisu ta'a.
- 4) Adeemsa hojii jaarsummaa keessatti baasiin meeshaalee barreeffamaa fi kan kana waliin walqabatan caasalee Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa dhimmichi biratti ilaalamuun kan uwwifamu ta'a.

### **39. Waa'ee Murtii Kennuu fi Sagaleedhaan Adda Bahuu**

- 1) Dhimma jaarsummaaf dhiyaaterratti murtiin kennamu kamiyyuu yaadni garaagarummaa yoo jiraate sagalee caalmaatiin ta'a.
- 2) Murtee sagalee caalmaatiin kennamu keessatti miseensi yaada addaa qabu yaadni isaa barreeffamaan qabamee taa'uu qaba.

### **40. Qabiyyee Murtii Jaarsummaa**

- 1) Murtiin garee jaarsummaan kennamu kamiyyuu dhimmoota tumaalee Seera Adeemsa Hariiroo Hawaasaa keewwata 182 fi 183 keessatti tumaman akka barbaachisummaa isaatti kan hammate ta'uu qaba.
- 2) Akkaataan dhufaati dhimmichaa, duraan dursee waldhabdee uumame mala filannoo biroon waldiddaa hiiktuu kan birootiin hiikuuf yaaliin taasifame, ejjennoo gareen lamaan qabataniituranii fi garaagarummaa yaadaa garee waldhaban jidduutti ture dhiphisuuf adeemsa keessa darbame fi dhuma irratti walta'insa irra qaqqabame qabiyyee murtichaa keesstti ibsamuu qaba.

### **41. Murtiin Garee Jaarsummaa Dirqisiisaa Ta'uu Isaa**

Murtiin garee jaarsummaa caasaalee Mana hojichaa sadarkaan jiraniin kennamu dirqisiisaa fi raawwatinsa kan qabu dha.

### **42. Oliyyatnoo Murtii Garee Jaarsummaa Komachuun Dhiyaatu**

Murtii garee jaarsummaatiin caasaa Mana Hojichaa sadarkaa adda addaa irra jiruun kenname irratti qaamni komii qabu oliyyata isaa akkaataa Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaatiin Mana Murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiyeeffachuu ni danda'a.

### **43. Haala Raawwii Murtii Garee Jaarsummaa**

- 1) Murtii garee jaarsummaatiin gareen abbaa mirgaa ta'e kamiyyuu murticha raawwachiifachuuf iyyata raawwii garee jaarsummaatiif dhiyeessuu ni danda'a. Garichis murtii ofiin kenne raawwachiisuuf deggersa barbaachisaa ta'e kennuun akka raawwatamu ni taasisa. Haa ta'u malee, murticha bu'uura murtii garee jaarsummaatiin kennameen

raawwachiisuun humna isaatiin oli bakka ta'ee argametti gareen abbaa mirgaa ta'e gara Mana Murtiitti iyyata raawwii akka dhiyeeffatu ni qajeelcha.

- 2) Abbaan mirgaa iyyata raawwii dhiyeeffatu iyyata isaa waliin tartiiba qabeenyaa garee murtiin irratti raawwatuu adda baasee barreeffamaan dhiyeeffachuu qaba.
- 3) Kan armaan olitti ibsaman akkuma jirutti ta'ee abbaan mirgaa iyyata raawwii garee jaarsummaatti kan hin dhiyeeffatne yoo tahe ykn dhiyeeffatee garichis raawwachiisuuf humna isaatiin oli yoo tahe dhimmichi akkaataa murtii garee jaarsummaatiin akka raawwatamuuf Mana Murtii aangoo qabutti iyyata raawwii isaa dhiyeeffachuu ni danda'aa.
- 4) Murtii gareen kenne irratti oliyyatni gaafatamee sadarkaa itti aanutti ilaalamaa kan jiru ta'uu ragaan yoo dhiyaate raawwiin isaa yeroodhaaf dhorkamee ni tura.

#### **44. Akkaataa Adeemsi Waldhabdee Garee Jaarsummaatiin Ilaallamuu Jalqabe Adda Cituu Danda'u**

- 1) Waldhabdeen manneen hojiifi dhaabbilee ykn namoota dhuunfaa jidduutti uummamee ture mala filannoo biroo waldiddaan hiikuu jaarsummaatiin akka ilaallamee furmaata argatu gareen kanaan dura yaada isaa ykn fedhii isaa ibsee ture osoo gareen jaarsummaa falmii afaanii dhagahuu hin jalqabiin dura yaada isaa jijjiruu ykn kaasuu ni danda'a.
- 2) Qaamni dhimmi isaa gareen jaarsummaatiin ilaallamuu jalqabe akka addaan citu yaada isaa jijjiruu ykn kaasuu/dhiisuu barbaade iyyata isaa barreeffamaan waliitti qabaa garee Jaarsummaa fi garee waliin falman kan birootti dhiyeessuu qaba.
- 3) Qaamni dhimmi mala jaarsummaatiin ilaallamuu jalqabame akka addaan citu gaafate sababa kanaan dhimmichi addaan kan citu yoo ta'ee adeemsa jaarusummaa keessatti miidhaa garee isa biroo irra gahee fi baasii Manni hojii Abbaa Alangaa Waliigala hojii kanaaf baase kaffaluuf dirqama qaba.
- 4) Gareen jaarsummaa dhimma waldhabdee hiikuu ilaalu erga jalqabeen booda beellama guyyaa falmii afaaniitti qaamni duraan jaarsummaan naaf haa ilaallamu jedhee gaafate ture beellamarraa kan hafe yoo ta'ee gumiin ijoo dubbii gareen kan biroo amane qofaratti murtii kennuun dhimmicha adda ni kuta. Haa ta'u malee, guyyaa beellama afanitti qaamni deebii kennuu qabu kan hafe yoo ta'ee ykn erga falmii afaanii bira darbaniin booda garee keessaa qaamni kamiyyuu sababa gahaa malee yoo hafe garee dhimmicha osoo addaan hin kutiin iddoo hin jiretti ilaalu itti fufee murtii ni kenna.

#### **45. Raawwatiinsa Tumaalee Jaarsummaa**

Maanuwaalii kana keessatti tumaaleen jaarsummaa ilaallatan akkuma barbaachisummaa isaatti waliigaliinsaan (Negotiation), waltaasisuu ykn araaraatiif (mediation) raawwatiinsa ni qabaatu.

**46. Mala Filannoo Biroon Waldiddaa Hiikuutiin Waldhabdee Jiru Hiikuun Kan Hin Danda'amne Yoo Ta'e Tarkaanfiwwan Fudhatamuu Qaban.**

- 1) Gareen mala filannoo biroon waldiddaa hiiktuu sadarkaa kamittuu argaman mala filannoo biroon waldiddaa hiikuutiin waldhabdicha hiikudhaaf yaalii taasisanii bu'aa barbaadamu argamsiisuu yoo dadhaban dhimmichi bu'uura maanuwaalii kana kutaa jaha jalatti ibsameen falmii Mana Murtiitiin akka ilaalamu ni taasifama.
- 2) Waldhabdichi adeemsa falmii Mana Murtiitiin kan gaggeeffamu yoo ta'e Abbaan Alangaa sadarkaan jiru falmicha keessatti kan hirmaatu manneen hojii mootummaa dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jaarmiyaalee uummataa ykn namoota humna hin qabne (harka qalleeyyii) bakka bu'udhaan ta'a.

**KUTAA JAHA**

**TAJAJILA FALMII HARIIROO HAWAASAA FI KALLATTII FALMIIN ITTI GAGGEEFFAMU**

**KUTAA XIQQAA TOKKO**

**QOODIINSA AANGOO DHIMMOOTA FALMII FI GAHEE ABBAA ALANGAA**

**47. Qoodiinsa Aangoo Dhimma Falmii Hariiroo Hawaasaa**

- 1) Dhimma falmii himannaa ykn deebii kennuu waliin walqabatee aangoon Mana Hojichaa fi caasaalee isaa dhimma kana ilaaluuf qabu kan murtaa'u bu'uura aangoo manneen murtii dhimma falmii hariiroo hawaasaa ilaaluudhaaf seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaatiin ykn labsii rogammaa qabuun kennameef irratti hundaa'uun ta'ee;
  - a) Manni Hojii Abbaa Alangaa Aanaa dhimma Mana Murtii Aanaatti/Magaalatti dhiyaatu,
  - b) Manni Hojii Abbaa Alangaa Godinaa dhimma Mana Murtii Olaanaatti dhiyaatu, fi
  - c) Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa ammoo dhimmoota aangoo Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa fi Federaalaa ta'an irratti aangoo ni qabaatu.
- 2) Aangoon falmii himannaa fi deebii dhiyeessuu keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, akkaataa ulfaatinaa fi walaxiinsa dhimmichaatti barbaachisaa ta'ee yemmuu argamu Manni Hojichaa dhimma aangoo godinaa ta'e, Godinni immoo dhimma aangoo aanaa ta'e irratti himannaa dhiyeessuu, deebii kennuu fi falmii gaggeessuu ni danda'a.
- 3) Dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa naannichaa ta'an kanneen Magaalaa Finfinnee keessatti uumameen walqabatee Manni Hojichaa abbummaan kan ilaalu

ta'ee akka barbaachisaa isaatti Manni Hojichaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee bakka buusuun hojjachiisuu ni danda'a.

- 4) Keewwata kana jalatti kan tumame jiraatus, Manni Hojichaa yookiin caasaaleen isaa manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa yookiin jaar-miyaaleen uummataa ogessota seera dhimma aangoo isaa ta'ee fi ofiin ilaaluu danda'uu irratti of-danda'ani akka falman bakka bu'ummaa kennuun hordooffii, deeggarsaa fi to'annaa taasisuu ni danda'a.
- 5) Manneen hojii mootummaa, dhaabbileen misooma mootummaa yookiin jaar-miyaaleen uummataa dhimma falmii tilmaamni maallaqa isaa hanga 500,000 (kuma dhibba shan) tti ta'e bakka bu'ummaa addaa Mana Hojichaa yookiin caasaa isaa osoo hineeggatiin abbummaan akka himatu; deebii akka qopheessu; akka falmu, ol'iyyata akka gaafatu, murtii akka raawwachiisu manawaalii kanaan bakka buufameera.
- 6) Aangoon dhimma hariiroo hawaasaa namoota harka qalleeyyii fi qaamolee deeggarsa addaa barbaadani bakka bu'uun falmuu Mana Hojichaa fi caasaalee isaa iddoo mana murtii dhimmichi itti dhiyaatutti argamuun kan raawwatamu ta'a.
- 7) Dhimmoota bu'aa yakka malaammaltummaa fi Taaksii ilaalchisee himannaan hariiroo hawaasaa yookiin himannaan raawwii akka hundaa'u Daayirektoreetii/Adeemsa Dhimmoota Yakka Malaammaltummaa fi Taaksii irraa yemmuu isa qaqqabu Daayirektoreetichi/Adeemsichi dhimmichi mana murtii Aangoo qabutti akka dhiyaatuuf caasaa Mana Hojichaa aangoo qabutti dabarsuu ni danda'a.

#### **48. Adeemsa Falmii Hariiroo Hawwaasaa Keessatti Hojiiwwan Abbaa Alangaatiin Raawwatamuu Qaban.**

- 1) Abbaan Alangaa sadarkaan jiru dhimmoota Hariiroo Hawwaasaa manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jaar-miyaalee uummataa yookiin namoota dhuunfaa harka qalleeyyii tananii yookiin deeggarsa addaa barbaadan bakka bu'ee falmii geggeessuu irratti hojiiwwan armaan gadii ni raawwata:
  - 1) Sanadoota fi ragaa namaa dhimmicha mirkaneessudhaaf fayyadan karaa guutuu ta'een walitti qindeeffachuun himannaa ykn deebii qopheessuu;
  - 2) Namoota harka qalleeyyii ta'aniif bakka bu'ee yeroo falmii geggeessu waraqaa ragaa hiyyummaa mirkaneessuu kakuu waliin wal-qabsiisee dhiyeessuudhaan falmii geggeessee murtii kennisisuu;
  - 3) Murtii kennamu raawwachiisuuf akka gargaarutti qabeenya qaama murtiin abbaa idaa ta'uu danda'u (himatamaa) manneen hojii mootummaa dhimmi ilaallatu waliin ta'uun sakata'uun adda baasuun akka dhorkamu taasiisuu;

- 4) Adeemsa dhagaha dhimmaa keessatti tumaalee seera sirna adeemsa falmii hariiroo haawasaa hordofuudhaan falmii bu'a qabeessa ta'e geggeessuun murtee kennisiisuu. Akkasumas mirgi baasii fi kisaaraa gaafachuu yeroo eeggametti baasii fi kisaaraa tarreessee dhiyeessuun murteessisuu;
- 5) Murtii Manni murtii jalaa kenne kan komachiisu yoo ta'e mana murtii oliyyata dhaga'uuf aangoo qabutti ykn dogongorri bu'uura Seeraa yoo raawwatame dhaaddacha ijibbaatatiif iyyata dhiyeessee falmii geggeessuu;
- 6) Dhimmoota murtiin abbaa mirgaa ta'e irratti himata raawwii dhiyeessuun akka raawwatamu taasiisuu. Akkasumas dhimmoota murtiin abbaa idaa ta'e irrattis gaaffiin raawwii dhiyaatu sababa ga'aa malee garmalee kan ol ka'e yoo ta'e, falmii taasiisuun akka gadi xiqqaatu taasiisuu;
- 7) Dhimmoota falmii yakkaa waliin walqabatee maallaqa dirqama wabummaa bahuu dhabuutiin galii akka taasifamu murtaa'ee ajajame fi adabbii maallaqaa dhimma yakkaa irratti kenname hordofee raawwachiisuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa ragaalee falmiidhaaf isa barbaachisu kam iyyuu qaama ragaan kun biratti argama jedhamee amanamu irraa gaafatee fudhachuu ni danda'a. Qaamni gaafatames ragaa gaafatame yeroo gaafatame keessatti kennuuf dirqama ni qabaata.

## KUTAA XIQQAA LAMA

### DHIMMOOTA FALMIIDHAAN DURA RAAWWATAMUU

#### 49. Dhimmoota Himannaa Keessatti Hammatamuu Qaban

- 1) Himata qophaa'u keessatti sababoota himannaa fi dhimma murtii Abbaa Seerummaatiin akka kennamu barbaadamu ykn gaafatamu adda ba'ee tarraa'ee taa'uu qaba.(S/A/F/H/H keeww. 80, 222)
- 2) Himataan himannaa isaa keessatti ragaalee ijoo himannaa isaa ibsuu danda'an kan akka:
  - a) Ragaalee barreeffamaa /Sanadoota adda addaa;
  - b) Tarree ragaa namootaa fi dhimmoota ragaaleen kun himannaa keessatti ijoo isaan mirkaneessuu danda'an ibsuu qaba.(Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa keew. 137 fi 223)
- 3) Himataan ijoo himannaa isaa kan mirkaneessuu danda'an ragaalee barreeffamaa/ sanadaa harka isaa kan hin jirre yoo ta'e dhimmicha Mana Murtiitif ibsee bakka ragaan sanada jiru irraa ajaja Mana Murtiitin akka dhiyaatee ilaalamuuf taasisuu qaba.(Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa keewwata 145 fi 223)

- 4) Himataan murtiidhaan Abbaa mirgaa yemmuu ta'uutti himatamaan qabeenya murtiin irratti raawwatu akka jalaa hin dhoksineef iyyannoo himannaa isaa waliin iyyata dhorkaa mana murtiitti dhiyeessuun dhorkisiifachuu qaba.(Seera Deemsa Falmii HH keeww.154)
- 5) Himataan Himata dhiyeesse keessatti tarreen himataa fi ragoolen himannaa irratti ibsaman sirrii fi dhugummaa kan qaban ta'uu isaa dhuma himannichaa irratti mirkaneessuu qaba.(Seera Deemsa Falmii HH keeww.92)

#### **50. Haala Deebiin Itti Deebi'u/ Dhiyaatu**

- 1) Qaamoleen manni hojichaa fi caasaaleen isaa bakka bu'anii falmaniif himatamuu isaanii waraqaan waamichaa mana murtaa'ii yemmuu isaan qaqqabe irraa kaasee sa'aatii 24 keessatti Mana Hojichaa yookiin caasaalee isaa dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiyeessuuf dirqama qabu.
- 2) Abbaan Alangaa waraqaan waamichaa fi himannaan isa qaqqabe deebii qopheessuudhaan ragaalee barbaachisan hunda kanneen harka himatamaa jiranii fi kan isa harka hinjirre immoo iddoo itti argaman ibsamee akka dhiyaatuuf taasisuu qaba.
- 3) Abbaan Alangaa himata dhiyaate irratti deebii kennus akkaataa seeraa irratti hundaa'uudhaan sababoota ijoo dubbii himataan dhiyeesse itti haaluu danda'uu ykn seerummaan gaafatame isaaf hin malu jedhu yookiin deebii dantaa uummataa fi mootummaa mirkaneessuu danda'u biroo ibsuudhaan deebii isaa barreeffamaan qopheessee guyyaa beellamaatti dhiyaachuu qaba.
- 4) Abbaan Alangaa dhimma himataman irratti himannaa himatamaa (counter claim) ykn waldandeessisuu (Set off) dhiyeeffachuu danda'uu yoo jiraate qulqulleeffachuun dhiyeessuu qaba.
- 5) Abbaan Alangaa ragaalee namaa fi barreeffamaa himannaa dhiyaatee ittisuuf gargaaraan deebii waliin qindeessee dhiyeessuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa himannaa dhiyaateef deebii yemmuu kennu bu'uura tumaa seera falmii hariiroo hawaasaa keewwata 244 jalatti ibsameen mormiiwwan sadarkaa duraa armaan gadii dhiyeessuu ni danda'a:
  - a) Manni murtichaa dhimmicha ilaaluuf aangoo kan hin qabne ta'uu.
  - b) Dhimmi himannaan irratti dhiyaate kanaan dura mana murtiitiin murtaa'ii kan argate ta'uu,
  - c) Dhimmi himannaan irratti dhiyaate mana murtaa'ii birootti dhiyaatee falmiirra kan jiru ta'uu,
  - d) Dhimmi himataa kan hinlaallannee fi himannaa keessaatti hirmaatee falmuu kan hinmalle ta'uu,

- e) Himannichi darbiinsa yerootiin kan daanga'e ta'uu yookiin,
  - f) Dhimmichi kanaan dura jaarsummaan ilaalamee waliigalteen kan raawwatame yookiin araaraaf beellamamee kan jiru ta'uu.
- 7) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 6 tiin mormii sadarkaa duraa Abbaan Alangaa dhiyeessu akkuma eegametti ta'ee, deebii kennamu keessatti mormii armaan gadii dhiyeessuu ni danda'a:-
- a) Himataan himannaa dhiyeesse irratti mirga ykn dantaa kan hin qabne ta'uu, yookiin himata dhiyeessuudhaafis dandeettii (capacity) kan hinqabne ta'uu yookiin himatamaan himataa irraa mirga yookiin dantaa gaafatu kan hinqabne ta'uu mana murtiitiif tarreessee ibsuu, (Seera Deemsa Falmii HH keeww.33)
  - b) Himannaa dhiyaate keessatti qaamni jidduu galee himatamaa waliin deebii kennuu qabu yoo jiraate jidduu seenuun akka falmuuf gaafachuu.(seera deemsa falmii HH keeww.43)
  - c) Himannicha keessatti qaamni biroo waliin himatamuu qabu keessaa kan hafe yoo ta'e akka itti dabalamee himatamu yookiin kan himatamuu hinqabne yoo himatame keessaa akka bahu ibsuu,(Seera Deemsa HH keeww.39/2/)
  - d) Himatni sababoota himannaa adda addaa wal hin fakkaanne qaban walitti makamarii dhiyaatan falmii gaggeefamu irratti dhibbaa waan qabuuf haala kanaan dhiyaachuu hin danda'an jechuun mormii dhiyeessuun ni danda'ama, (seera deemsa falmii HH keeww.220)
  - e) Sababoonni himannaa bakka tokkotti dhiyaachuu osoo qabanuu kanneen faffaca'anii dhiyaatan yoo jiraatan kunis mirga himatamaa kan miidhu ta'ee yoo argame mormii kaasuu (seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keeww.216)
- 8) Abbaan Alangaa dhimmoota himannaa keessatti himataan tarreessee dhiyeesse hunda irratti tartiibaan tokkoon tokkoon ijoo himannaa dhiyaate irratti ifaan deebii kennuu qaba.(Seera Deemsa Falmii HH keew 235)

#### **51. Jidduu Lixummaa (SDFHH Keew.41 fi 43, Labsii Lak. 214/2011 Keew. 7(37))**

- 1) Abbaan Alangaa falmiin gaggeeffamaa jiru ykn murtiin raawwatamu faayidaa uummataa fi mootummaa ni miidha jedhee yoo itti amane, sababa isaa tarreessee barreeffamaan Mana Murtiitiif dhiyeessudhaan mana murtiin yeroo hayyamamutti jidduu seenee falmii geggeessuu ni danda'a.
- 2) Qaamolee Abbaan Alangaa bakka bu'ee falmuuf aangoo kennameef jidduu lixanii akka falmii gaggeessan manni murtii yemmuu ajajutti Abbaan Alangaa qaamolee kana bakka bu'ee falmu bu'uura gaaffii dhiyaateen deebii isaa qopheessee dhiyaachuu qaba;

## **52. Waa'ee Qabeenya Dhorkisiisuu**

- 1) Abbaan Alangaa himataa ta'ee gara falmiitti osoo hin seeniin dura qabeenyaa himatamaa himannichaaf sababa ta'e bu'uura tilmaama himata dhiyaatee irratti hundaa'uun qabeenyichi akka hin gurguramne, hin jijjiiramne, qaama sadaffaatti akka hin dabarre ykn iddoo biraatti akka hindabarfamne iyyatni dhorkaa kakuudhaan deggaramee mana murtiitti dhiyaachuu qaba.(Seera Deemsa Falmii HH Keeww.154)
- 2) Qabeenyi murtiin akka irratti raawwatamu dhorkame ykn to'atame hanga murtichi raawwatamutti Waajjira Maallaqaa fi Walta'insa Dinagdee Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiru akka bulchu taasifamuu qaba.
- 3) Qabeenya bu'aa yakkaa jedhamanii adeemsa raawwii irratti argaman, qabeenya abbaa hin qabne kan mootummaan akka dhaaluuf iyyatni irratti dhiyaate akka barbaachisummaa dhimmichaatti waajjirri maallaqaa fi walta'iinsa dinagdee oromiyaa sadarkaan jiran akka bulchaan Manni Hojii Abbaa Alangaa fi caasaaleen isaa sadarkaan jiran ajajuu ni danda'u.

## **53. Haala Waraqaan Waamichaa Himatamaa /Deebii Kennaa itti Qaqqabuu Danda'u**

- 1) Waraqaa Waamichaa dhuunfaadhaan himatamaa akka qaqqabu taasiisuun kan danda'amu (personal service):
  - a) Kallattiidhaan himatamaatti ykn bakka bu'aa isaatti kennuu;
  - b) Kan Himannaan irratti dhiyaate dhaabbata qaama seerummaa qabu yoo ta'e hojii gaggeessaa dhaabbatichaatti ykn barreessaa olaanaa dhaabbatichaatti harkatti kennama ykn Lakkoofsa Poostaa Dhaabbatichaa ykn Bakka hojii dhaabbatichi yeroo hundaa itti hojjetutti maxxansuudhaan waamicha qaqqabsiisuun ni danda'ama.(seera deemsa falmii HH Keeww.95)
- 2) Waamicha Poostaa (service by post) (seera deemsa falmii HH keeww.106)
- 3) Waraqaa waamicha jijjirame (substituted service) (seera deemsa falmii HH keeww.105)
- 4) Abbaan Alangaa waraqaa waamichaa Mana Murtiirraa baasudhaan manneen hojii mootummaa qaama qaqqabuu qabu biraan akka gahan ykn akka qaqqabsiisan haala ni mijeessa.

## **KUTAA XIQQAA SADI**

### **ADEEMSA FALMII DHAADDACHAA**

## **54. Dhagahama Himannaa**

- 1) Guyyaa dhagahama himannaatti iyyata himannaa, deebii, ragaalee sanadaa fi namaa duraan dursee himataa fi himatamaadhaan dhiyaatan Manni Murtii bu'uura godhachuudhaan garee wal-falman afaaniin dubbisuudhaan ijoo dubbii walfalmisiisaa ta'an adda baasuudhaan ijoon dubbii kan itti qabatamu waan ta'eef guyyaa dhagahama himannaatti gareen bitaa fi mirgaa wal-falman yoo dhiyaachuu baatan himata cufsisiisuu waan hordofsiisuuf Abbaan Alangaa sadarkaan jiru xiyyeeffannaa itti kennee guyyaa beellamaa kabajee argamuutu irra jiraata. (Seera deemsa falmii hariiroo haawasaa keeww.241 fi 69(2)).
- 2) Abbaan Alangaa himataa bakka bu'ee yeroo falmii geggeessutti himatamaan kan hin dhiyaanne yoo tahe manni murtii seera qabeessummaa himannaa dhiyaatee hubatee bakka himatamaan hin jirretti akka ilaaluu danda'uuf mana murtii amansiisuudhaaf tattaaffii barbaachisaa taasisuu qaba.(S/D/F/HH keeww.70), Akkasumas himatamaa bakka bu'ee yeroo falmii geggeessuutti himataan guyyaa beellama irratti kan hin dhiyaatne yoo ta'ee deebii barbaachisaa ta'e kennuudhaan galmichi akka cufamu taasisuu qaba.(s/d/f/HH keeww.73)
- 3) Iyyata himannaa ykn deebii ittisaa keessatti dhimmootni ibsaman akkuma jirutti ta'ee, Abbaan Alangaa dhimmota adeemsa dhagaha himannaa keessatti ifa hin taane adda baasuun akka ibsaman gochuudhaan manni murtii murtii sirrii fi haqa qabeessa ta'e akka kennuuf gargaaruu qaba.

#### **55. Ijoo Dubbii Falmii Adda Baasuu**

- 1) Ijoo dubbii falmii adda baasuun abbummaadhaan Kan Mana Murtii yoo ta'eyyuu, Ogeessi himata dhiyeesse ijoo duubbii himannaa isaa maal ta'uu akka qabu adda baasee beekuudhaan yeroo kamillee falmii Mana Murtiitti ka'aniif of qopheessee dhiyaachuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa seeroota fi murtiiwwan dhaddacha ijibbaataa falmiidhaaf bu'uura ta'an dursee qorachuudhaan ijoo seeraa (Legal issues) adda baafachuun itti qophaa'uu qaba.
- 3) Ijoo dubbii dhimichaa adda durummaan Kan adda bahan dhimmota amanamanii fi haalaman irratti hundaa'ee qabama waan ta'eef Abbaan Alangaa ijoowwan dubbii adda ba'an kana hordofee dhimmoota haalaman irratti ragaa isaa dhiyeeffachuu qaba.
- 4) Himannaa tokko keessatti ijoon dubbii ykn ijoon seeraa tokkoo oli ta'an Kan jiraatan yoo ta'e adda baasuudhaan falmiidhaaf irratti qaophaa'uun barbaachisaa dha (S/D/F/HH Keeww.247 (3) fi (4)).

#### **56. Adeemsa Ragaan Ittiin Dhaga'amu**

Abbaan Alangaa himata dhiyeesse mirkaneesifachuuf ykn deebidhaan ofirraa ittisuuf bu'uura seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keeww.270(3) fi 263' tiin ijoo ragaan ibsuufii qabu itti

qophaa'uun akkuma barbaachisummaa isaatti ragaaleef gaaffii duraa, qaxxamuraa fi keessa deebii dhiyeesuun dhimmicha mirkaneesifachuuf ga'ee isaa bahuu qaba.

#### **KUTAA XIQQAA AFUR**

#### **ADEEMSA MURTII SAFFISAA (SUMMARY PROCEDURE)**

##### **57. Dhimmoota Adeemsa Gabaabaatiin Murtaa'uu Danda'an**

Abbaan Alangaa haalotni armaan gadii yeroo qunnamanitti, dhimmootni tumaalee seera deemsa gabaabaatiin akka ilaalamaniif himannaa dhiyeessuu qaba:

- 1) Bu'uura Waliigaltee keessatti ifaan taa'een ykn haala qabatamaa dhimmichaatiin waliigalteewwan taasifaman, kan akka waraqaa hawwaalaa maallaqa ittiin dabarsaniin, Sanada Maallaqni na irra jiraa jechuun mallatta'een, Cheekii fi sanadoota waliigaltee kanaaf kana fakkaataniin waliigaltee galamu;
- 2) Sanada dirqamaatiin ykn Sanada Herregaan qulqullaa'een maallaqa kanfaluuf walta'insa taasifame;
- 3) Abbaan idaa muummaa (Principal debit) maallaqa irraa barbaadamu kanfalu yeroo hindandeenyetti itti gaafatamummaadhaan kaffaluuf dirqama waabummaa yoo mallattaa'ee jiraate qofadha.(S/D/F/HH keeww.284)

##### **58. Adeemsa Murtii Saffisaatiin Dhimmoota Ilaaluu (Accelerated Procedure)**

Abbaan Alangaa haalotiin armaan gadii yeroo mudataniitti, tumaalee Seeraa Adeemsa Murtii Saffisaatiin himata dhiyeessuu qaba:

- 1) Maqaa jijjiiruu (SHH keeww.42 fi 43)
- 2) Dhaaltummaa mirkaneessuu (SHH keeww.842 fi tumaalee itti aanan)
- 3) Fuudhaa fi Heeruma mormuu (Seera maatii fooyya'ee)
- 4) Himata dhiyeessuu, hayyama gaafachuu (Himata akka hin dhiyeessineef seeraan kan dhorkamee, SHH keeww.307)
- 5) Aangoo kennameen alatti hojjechuu (SHH keeww.129, 209,230,287.528, 535,630)
- 6) Galme'e keessatti dogongorri raawwate akka sirratu,SHH keeww.141,628,663,766,767 fi Seera Daldalaa keeww.441),(S/D/F/ HH keeww.305,307-314)

#### **KUTAA XIQQAA SHAN**

#### **ADEEMSA OLIYYATAA**

##### **59. Dhimmoota Ol'iyyannoo Keessatti Dirqama Mana Hojichaa fi Caasaalee Isaa**

- 1) Manni Hojichaa fi caasaaleen isaa dhimmoota falmii gaggeessaa ture irratti murtiin mana murtiin kenname kan komachiisu yoo ta'e yeroo seerri kaa'e keessatti ol'iyyata gaafachuu qaba.
- 2) Manni Hojichaa fi caasaaleen isaa dhimmoota falmii gaggeessaa ture irratti gareen irratti murtaa'e komii ol'iyannoo kan dhiyeesse yoo ta'e guyyaa deebiin akka dhiyaatu ajajametti komii ol'iyyata gaafatame irratti deebii kennuu qaba.
- 3) Hojiin dhimma ol'iyannoo gaafachuu yookiin ol'iyyata gaafatame irratti deebii kennuu kan hojjatamu sirna wal-harkaa fuudhinsa hojii caasaalee Mana Hojichaa sadarkaan jiraniitiin ta'a.

#### **60. Haala Oli'iyatni yookiin Deebiin Ol'iyyataa itti Qophaa'uu fi dhiyaatu**

- 1) Abbaan Alangaa dhimmoota bakka bu'ee falme irratti murtiin kenname kan komachiisuu ta'ee yoo argame guyyaa 5(shan) keessatti garagalcha murtii mana murtii murticha kennerraa gaafachuudhaan ragaalee biroo ol'iyatichaaf gargaaran yoo jiraates walitti qabuudhaan guyyaa garagalchi murtii isa qaqqabe irraa kaasee guyyaa 5(shan) keessatti Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa itti aanutti jiru qaqqabsiisuudhaan ol'iyanni akka qophaa'u taasisuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa ol'iyyata akka qopheessuuf dhimmichi kennameef odeeffannoo ol'iyaticha qopheessuuf isa gargaaran hunda walitti qabachuun yeroo seeraan taa'e keessatti ol'iyannoo qopheessee mana murtii ol'iyyata dhaga'utti dhiyeessuu qaba.
- 3) Abbaan Alangaa dhimmoota bakka bu'ee falme irratti gareen biroo murtii kenname komachuun ol'iyyata kan gaafate yoo ta'e, waraqaan waamichaa fi garagalchi komii akkuma isa qaqqabeen ragaalee falmiin irratti gaggeeffamaa ture hundaa fi ragaalee biroo komii dhiyaate irratti deebii kennuuf gargaaran walitti qabuudhaan Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa itti aanutti jiru qaqqabsiisuudhaan komii dhiyaate irratti deebiin akka qophaa'u taasisuu qaba.
- 4) Abbaan Alangaa deebii ol'iyyata akka qopheessuuf dhimmichi kennameef odeeffannoo deebii qopheessuuf isa gargaaran hunda walitti qabachuun guyyaa beellamaatti deebii qopheessee mana murtii dhimmicha ajajeetti dhiyeessuu qaba.
- 5) Abbaan Alangaa Oliyyataa yeroo ta'utti komii ijoo dubbii fi seeraa Murtii Mana Murtii jalaa keessatti qabu adda baasuun murtichis sirrii kan hin taane ta'uu akkasumas mirgaa fi dantaa isaa kan miidhe ta'uu haala ifa ta'een tarreessee Mana Murtii oliyyata dhaga'uuf dhiyeessuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa deebii kennaa yeroo ta'utti ammoo tokkoon tokkoo komii dhiyaate irratti deebii kennuu qaba.

### **61. Haala Oliyyatni Itti Dhaga'amu**

- 1) Guyyaa oliyyata dhaga'uuf beellamameetti qaamni oliyyata gaafate sababoota oliyyannoof ka'umsa ta'an mana murtii hubachiisuuf diraqama waan qabuuf Abbaan Alangaa oliyyata barreeffamaan gaafate ijoo komii oliyyannichaa haala gabaabinaa fi ifa ta'een hubachiisuu qaba.
- 2) Manni Murtii oliyyata dhaga'u yoo hayyame malee guyyaa beellama falmii afaanii itti geggeeffamuutti dhimmootiin barreeffamaan komii oliyyannoo keessatti hin ibsamin kaasaniif falmuun waan hin danda'amneef dhimmoota komii keessatti durfamee ka'uu qabu sirriitti adda baafachuun yaadota ka'uu qaban komii ol'iyyannoo isaa keessatti barreessuu qaba.
- 3) Abbaan Alangaa deebii kennaa yeroo ta'utti akkaataa armaan olitti ibsame irratti hundaa'uudhaan falmii geggeessuu qaba.
- 4) Itti aansuudhaan deebii deebii afaaniin ykn barreeffamaan dhiyeessuu qaba,

### **62. Haala Ragaan Sadarkaa Ol iyyataatti itti Dhiyaachuu Danda'u.**

Dhimmoota armaan gadii irratti Abbaan Alangaa sadarkaa ol'iyyannoo irratti ragaa dhiyeeffachuu danda'a. (S/d/f/ HH keeww.345):

- 1) Manni Murtii jalaa ijoo dubbii ykn seeraa sirnaan adda baasee osoo hin qabatiin kan bira darbe murtee kenne yoo ta'e;
- 2) Mana Murtii jalaatti gaaffiin ragaa dabalataa dhageessiiffachuu dhiyaate sababa gahaa malee bira kan tarame yoo ta'e, ragaan bira darbame kunis murtii kenname ykn ijoo dubbii fi seeraa jijjiirsisuu kan danda'u yoo ta'ee argame;
- 3) Murtii sirrii ykn haqaa kennuudhaaf ragaa haaraa dhiyeessuun barbaachisaa ta'uu isaa mana murtiitiin yemmuu itti amanametti.

## **KUTAA XIQQAA JAHA**

### **MURTII RAAWWACHIISUU**

### **63. Haala Waliigalaa Murtii Raawwachiisuu**

Adeemsi murtii raawwachiisuu bu'uura tumaa seeraa deemsa falmii hariiroo hawaasaa keeww.371 irraa eegalee kan raawwatamu yoo ta'u Abbaan Alangaa adeemsa murtii raawwachiisuu keessatti dhimmoota armaan gadii ni raawwata:

- 1) Iyyannoo himannaa raawwii akkaataa murtii kennameen akka raawwatamuuf mana murtii aangoo qabutti dhiyeessu;

- 2) Qaamni itti murtaa'ee qabeenya murtiin irratti raawwatu akka hin miliqsine ykn hin dhoksinetti iyyannoo himannaa raawwii waliin qabeenyichi akka dhorkamee turu dhiyeessuu;
- 3) Qabeenyi murtiin abbaa idaa murtiin irratti raawwatamuu danda'uu himannaan duraa yemmuu dhiyaatutti adda bahee kan hin dhorkamne yoo tahee qaama murtiidhaan abbaa mirgaa ta'e waliin ta'uudhaan qabeenya himatama murtiin irratti raawwatamuu danda'u sakatta'uudhaan adda baasuun murtiin akka irratti raawwatamu gochuu qaba.

**64. Qabeenya Raawwii Murtiitiif hin Dhorkamne ykn Hin Fudhatamne**

- 1) Qabeenya qaama murtiidhaan abbaa idaa ta'eef jireenya isaa guyyaa guyyaatiif gargaaru;
- 2) Galii Sooromaa abbaa idaa;
- 3) Qabeenya ykn meeshaalee hojii daldalaatiif fayyadanii fi haala kamiiniyyuu dhorki irratti ba'uu hin qabne, akka hin gurguramnee, fi kafaltii idaatiif akka hin oolle seerota rogummaa qaban kan birootiin kan murtaa'an.(S/D/F/HH keeww.404)

**KUTAA TORBA**

**SIRNA DEGGERSAA, HORDOFFII FI TO'ANNOO DHIMMA HARIIROO HAWWAASAA MANNEEN**

**HOJII MOOTUMMAA fi DHAABBILEE MISOOMAA**

**65. Akkaataa Ga'uumsa Ogummaa Ogeessota Seeraa Manneen Hojii Mootummaa Adda Addaa**

**Keessa Jiran Itti Hordofamu fi Deggeramu**

- 1) Ga'uumsi ogummaa ogeessota seeraa manneen hojii mootummaa adda addaa keessa jiraniin kan deeggaramu, hordofamu fi to'atamu Abbaa Alangaa Dayireektoretii Dhimmoota hariiroo hawaasaa Mana Hojichaa fi Caasaalee isaa sadarkaan jiraniin kan raawwatamu ta'ee, bu'uura ulaagaa Daayirektoretichi baase irratti hundaa'uudhaan sadarkaa hundatti kan taasifamu ta'a.
- 2) Manni Hojiichaa hanqina dandeettii ogeessota seeraa manneen hojii mootummaa yookiin Dhaabbilee misooma mootummaa bira jiru hiikuudhaaf ykn dandeettii raawwachiistummaa isaanii cimsuundhaaf dhimmoota seeraa ykn naamusa ogummaa irratti leenjii kennuu ykn akka kennamuuf ni taasisa.
- 3) Deeggarsi, hordoffii fi to'annoon Mana Hojichaa fi caasaalee isaatiin bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin taasifamu akkuma jirutti ta'ee, itti waamamni ogeessota seeraa manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa mana hojii isaanitiif ta'a.

- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan ibsame jiraatullee, oggeessoni seeraa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa dhimmoota hariiroo hawaasaa waliin walqabatan irratti qajeelfama Mana Hojichaa fi caasaalee isaa sadarkaa sadarkaan jiran irraa kennamu fudhachuu fi raawwachuuf dirqama qabu.
- 5) Akkataa qajeelfama kennameen kan hin raawwanne yoo ta'ee, oggeesootni seeraa manneen hojii mootummaa sababa kanaan miidhaa qaqqabuuf kan itti gaafataman ta'ee dabalataniis naamuusan kan itti gaafataman ta'a.

**66. Sirna Hordoffii, Deeggarsaa fi To'annaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Manneen hojii mootummaa fi Dhaabbilee Misooma mootummaa itti Gaggeeffamu**

- 1) Tooftaan deeggarsa, hordoffii fi to'annoon dhimma hariiroo hawaaasaa manneen hojii mootummaafi dhaabbilee misooma mootummaa irratti taasifamu unkaalee Daayirektoretichi qopheesse bu'uura godhachuudhaan gabaasa/unka ogeessi seeraa manneen hojii mootummaa kurmaana kurmaanaan guutee caasalee Mana Hojichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiraniif ergu xiinxaluun ykn akkuma barbaachisaa isaatti qaaman manneen hojii dhimmichi ilaalatutti argamuudhaan ta'a.
- 2) Tooftaan deeggarsa, hordoffii fi to'annoon dhimma hariiroo hawwaaasaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa irratti taasifamu kan raawwatamu Abbootiin Alangaa Daayirektoretichaa yookiin Adeemsa Hojii Dhimma Hariiroo Hawwaaasaa caasaalee Mana Hojichaa sadarkaan jiran keessatti argaman cheeki liistii hojii kanaaf qopha'uu irratti hundaa'uudhaan kurmaana kurmaanaan qaamaan manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaatti argamuudhaan raawwii hojii dhimma hariiroo hawwasaa ogeessota seeraa ilaachisee hordoffii fi deeggarsa taassisuun qabu. Kunis yoo xiqqaate manneen hojii mootummaa hunda waggaatti yeroo tokko qaamaan argamuudhaan ilaaluun barbaachisaa ta'a.
- 3) Deeggarsa fi hordoffii taasifameenis hojiiwwan raawwataman irratti ciminaalee fi hanqinaaleen dhimmoota Hariiroo Hawwaaasaa manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa keessatti ogeessa seeraa qabaniin raawwatame adda ba'anii qindaa'ee ykn xiinxalamee duub-deebiin ni kennama, bakka hanqinni mul'atettis tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasifamaa.
- 4) Bu'uuruma olitti ibsameen duub-deebiin kennamuu fi tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu taasifamus xalayaa daayirekterri yookiin Abbaa Adeemsa ykn bakka bu'aa hojii dhimmoota hariiroo hawwaaasaa Mana Hojichaa fi caasaalee isaa sadarkaa sadarkaadhaan jiraniin mallattaa'ee kan kennamu ta'a.

## **67. Qophii Barumsa Ogeessota Seeraa fi Haala Qacarrii Isaanii**

- 1) Manneen hojii mootummaa fi dhaabbileen misooma mootummaa Naannoo Oromiyaa kamiyyuu ogeessa seeraa dhimmoota hariiroo hawwaasaa hojjetu yeroo qacaranitti qophiin barumsaa ogeessichatti xiyyeeffannaa kennuudhaan yoo xiqqaate barumsa seeraatiin digrii jalqabaa fi sanaa oli kan qabu ta'uu qaba.
- 2) Mana hojii mootummaa fi dhaabbileen misooma mootummaa keessatti ogeessota seeraa dandeettii fi ga'umsa qaban horachaa deemuuf Manni Hojichaa yookiin caasaaleen isaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran ykn akkuma barbaachisummaa isaatti Instituutii Leenjii Qamolee Haqaa fi Ogeessota Seeraa Oromiyaa namoota qacaramaniif qormaata ogummaa seeraa kennuu ykn kennisiisuu qaba.

## **68. Muuxannoo Hojii**

- 1) Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa qacarrii ogeessota seera yemmuu gaggeessan iddoo muuxannoo gaafatutti namoota ogummaa seeraatiin muuxannoo kallattii qaban qofa qacaru qabu.
- 2) Ulaagaan muuxannoo ogeessota seeraatiif barbaachisu bu'uura qajeelfama Biiron Publiik Saarviisii fi Qabeenyi Humna Namaa baasuun ta'ee, dhimmootni keewwata kana keessatti caqafaman xiyyeeffannoo argachuu qaba.

## **69. Naamusaa Ogeessa Seeraa Manneen hojii mootummaa yookiin Dhaabbilee Misooma Mootummaa**

- 1) Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa kutaa tajaajila seeraa keessatti ogeessi isaan gita itti gaafatamummaa dhimma seeraa ykn raawwataa taasisanii ramadan ykn qacaran rakkoo naamusaa irraa bilisa ta'uu isaa mirkaneeffachuu qabu.
- 2) Ogeessotiin seeraa ramadamanii ykn qacaramanii hojii irra jiran yeroo hojii isaanii raawwatan keessatti qajeeltoo waliigalaa naamusa ogummaa isaanii kabajuun dirqama isaan irraa eegamu ba'uu qabu.
- 3) Manni hojii isaanii ykn Manni Hojichaa fi caasaaleen isaa sadarkaa sadarkaan jiranis ogeessotni kun akkaataa naamusa ogummaa isaan irraa barbaadamuun hojjechaa jiraachuu isaanii hordoffii fi to'annoon geggeessuu qabu.

## **70. Kaka'umsa fi Raawwii Hojii Ogeessota Seeraa**

Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa ogeessotni seeraa mana hojii isaanii keessatti ramadaman ykn qacaraman hojii isaanii haala dantaa uummataa fi

mootummaa kabachiisuu danda'uun kaka'umsaan raawwachuu fi dhiisuu isaanii irratti to'annoo fi hordoffii taasisuu qabu.

#### **71. Tarkaanfii Sirreeffamaa Fudhatamuu Qaban**

- 1) Manni Hojichaa fi Caasaaleen isaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran hordoffii fi to'annoo dhimmoota hariiroo hawwaasaa manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa keessatti ogeessota seeraa badii ogummaa raawwatan irratti akkataa seera rogummaa qabuutiin tarkaanfii barbaachisaa (bulchiinsaa, hariiroo hawaasaa yookiin yakkaa) akka fudhatamu taasisuun raawwii isaa ni hordofa.
- 2) Dhimma Manni Hojichaa fi caasaaleen isaa ogeessotni seeraa badii naamuusa ogummaa raawwataniiru jechuun manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatan qajeelfama Kennan irratti manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa duub-deebii isaa Daayirektoreetii yookiin Adeemsa Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa qajeelfama kenneef beeksisuuf dirqama qabu.

#### **KUTAA SADDEET**

#### **GA'EE FI WALITTI DHUFEENYA MANNEEN HOJII MOOTUMMAA FI DHAABBILEEN MISOOMA MOOTUMMAA DHIMMA HOJII HARIIROO HAWWAASAA KEESATTI MANA HOJICHA WALIIN QABAN**

#### **72. Ga'ee fi Dirqama Manneen Hojii Mootummaa**

- 1) Manneen hojii mootummaa/dhaabbileen misooma mootummaa dhimmoota hariiroo hawwaasaa bu'uura maanuwaalii kanaatiin Manni Hojichaa fi caasaaleen isaa Sadarkaan jiran bakka bu'anii hojjetan irratti tumsaa fi deeggarsa irraa eegamu gochuudhaaf dirqamaa fi ittigaafatamummaa ni qabaatu. Akkasumas Caasaaleen Mana Hojichaa sadarkaan jiranis dhimmoota hariiroo hawwaasaa manneen hojii mootummaa/dhaabbilee misooma mootummaa bu'uura maanuwaalii kanaatiin raawwachuudhaaf dirqama qabu.
- 2) Manni Hojichaa fi Caasleen isaa sadarkaan jiran daantaa uummataa fi mootummaa kabachiisuuf jecha bu'uura maanuwaalii kanaatiin ragaa dhimma kanaaf barbaachisu qaamolee barbaachisan kamirraa iyyuu gaafatee fudhachuu ni danda'a. Akkasumas bakka barbaachisaa ta'etti ragichi oggeessaan akka qoratamu ykn odiitiin taasifamee akka dhiyaatu qajeelfama kennuu ni danda'a.
- 3) Manneen hojii mootummaa/dhaabbileen misooma mootummaa dhimmoota hariiroo haawasaa ilaalchisee qajeelfama Manni Hojichaa fi Caasaalee isaa sadarkaan jiran irraa kennamuuf hojii irra hoolchuuf dirqama ni qabu. Qaamni qajeelfama kana fudhachuu dhabuudhaan miidhaan

qabeenya uummata fi mootummaarra akka qaqqabu taasiise dhuunfaa isaatiin kan itti gaafatamu ta'a.

**73. Ga'ee fi Dirqama Adeemsa Wiixinee Waliigaltee Bulchiinsaa Qopheessuu fi Gulaaluu Keessatti Qaban**

- 1) Manneen hojii mootummaa/Dhaabbileen misooma mootummaa Wixinee waliigaltee bulchiinsaa dantaa uummataa fi mootummaa abbummaan ni qopheessu.
- 2) Wixineen waliigaltee qopheessaan kana Mana Hojichaa yookiin caasaalee isaa sadarkaa qaama wixinicha qopheesseetti jiruun akka gulaalamuuf akkaataa ulaaagaa maanuwaalii kana **kutaa sadaffaa** keessatti ibsameen raawwachuudhaaf dirqama qabu.

**74. Ga'ee fi Dirqama Adeemsa Mala Filannoo Birootiin Waldiddaa Hiikuu Keessatti Qaban**

- 1) Manneen hojii mootummaa/dhaabbileen misooma mootummaa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa ummataa fi mootummaa ta'an irratti waldhabdee ka'an kamiyyuu, adeemsa mala filannoo biroon waldiddaa hiikuu keessatti dirqamaa fi itti gaafatamummaa irraa eegamu ba'uu qabu.
- 2) Dhimmootni waldhabdeen irratti ka'an kamiyyuu mala filannoo biroo waldiddaatiin yeroo hiikanitti haala baasii guddaadhaaf mootummaa hin saaxillee fi dantaa mootummaa fi uummataa kabachiisuun ta'uu qaba.

**75. Adeemsa Himannaa fi Falmii Keessatti Ga'ee fi Dirqama Manneen Hojii Mootummaa yookiin Dhaabbilee Misooma Mootummaa Qaban**

- 1) Manneen hojii mootummaa/dhaabbileen misooma mootummaa dhimmoota himannaa fi falmii Hariiroo Hawwaasaa Manni hojichaa isaan bakka bu'uudhaan himachuun falmii geggeesse irratti ga'ee fi dirqama bu'uura Maanuwaalii kanaatiin kennameef raawwachuudhaaf galma gahiinsa falmii hariirootiif tumsa isaan irraa eeggamu bahuu qabu.
- 2) Manneen hojii mootummaa/dhaabbilee misooma mootummaa ragaa namaa himata dhiyaate mirkaneessuu danda'anii fi deebii kennamuuf ragaa ittisaa ta'uu kan danda'an adda baasuudhaan dhiyeessuu, sanada barreeffamaa barbaaddamu dhiyeessuu, qabeenya himatamaa dhorkamuu qaban sakatta'uun adda baasuun Mana Hojichaa fi caasaa isaa sadarkaan jiraniif dhiyeessuu, waraqaa waamichaa himatamaa qaqqabsiisuuf dirqama ni qabaatu. Gama biraatiin ammoo Manni Hojichaa fi caasaaleen isaa sadarkaa sadarkaan jiran ragaan barbaachisaa ta'an guutanii dhiyaachuu, waraqaan waamichaa sirnaan qaqqabuu isaa, qabeenya himatamaa dhorkamuuf dhorki irratti bahe sirnaan raawwachuu isaa hordofuu fi deggaruu bakka barbaachisaa ta'ee argametti tooftaa kamittiyyuu

fayyadamuun waraqaa waamichaa himatamaa/deebii kennaa qaqqabsiisuu fi qabeenya dhorkamuu qabu sakatta'uun adda baasuun dhorkisiisuu ni danda'a.

- 3) Manneen hojii mootummaa/dhaabbileen misooma mootummaa dhimma himatan ykn himataman irratti Abbaan Alangaa bakka bu'ee falmii yeroo geggeessu deggersa loojistikaa kan akka konkolaataa, boba'aa fi baasii adda addaa dhimma kana raawwachiisuuf fayyadan mijeessuuf qabu.
- 4) Manni hojiichaa fi caasaaleen isaa dhimmoota manneen hojii mootummaa/dhaabbilee misooma mootummaa bakka bu'ee falmuudhaan murtiin abbaa mirgaa ta'e ilaalchisee himannaa raawwii qaama murtiin abbaa idaa ta'e irratti dhiyessee falmuun qabeenya ykn maallaqa barbaadamu mana hojii mootummaa bakka bu'ameef ykn mootummaaf galii akka ta'uu taasisuu qaba.

#### **76. Dirqama Baasii fi Kisaaraa Falmii Keessatti Mudatu Haguuguu**

- 1) Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa yookiin jaar-miyaaleen uummataa baasii fi kaasaaraa falmii keessatti mudatan haguuguudhaaf dirqama qabu. Kunis baasii durgoo ragaa baatotaa, baasii qabeenya sababa himannaa ykn falmiitiif dhorkamee tursiisuuf bahu fi raawwii keessatti to'atamee tursiisudhaaf bahu, baasii waraqaa waamichaa qaqqabsiisuu, hiikkaa afaanii (translation), sanadoota akka ragaatti fayyadan adda addaa dhimmichaan walqabatan footoo koppii gochuu fi kkf kan hammatu ta'a.
- 2) Dhimma Abbaan Alangaa manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa yookiin jaar-miyaaleen uummataa bakka bu'ee falmii geggeessu irratti murtiin abbaa idaa kan kennamu yoo tahe maallaqa ykn qabeenya murtiin idaa itti ta'anii fi baasii dhimma kana faana walqabatee murtaa'u kan kanfalu qabu mana hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa yookiin jaar-miyaaleen uummataa bakka bu'amee falmameef ta'a.
- 3) Dhimmoota Hariiroo Hawwaasaa namoota humna hin qabnee ilaalchisee baasii fi kasaaraa falmii keessatti ka'an kan kanfalu qabu nama tajaajila seeraa kana gaafateen kan haguugamu ta'a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan ibsame jiraatus, namni tajaajilli seeraa gaafate kun baasii fi kasaaraa kana gonguma kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'ee fi sababa kanaan falmiin kan itti fufuu hin danda'amne yoo ta'ee caasaaleen mana hojichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiraniin kan haguugamu ta'a.
- 5) Caasaaleen Mana Hojichaa sadarkaan jiran haala keewwata kana jalatti tumameen namoota humna hin qabne bakka bu'anii falmuudhaan baasiin bahe dhumarratti nama bakka bu'eef

yoo murtaa'e baasiin bahe hundi herreegamee kaazinaa mootummaatti galii akka ta'uu ni taasiisu.

- 6) Baasiin Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala tiin haguuggamu kaffaltii abbaa seerummaa fi murtee kasaaraa manni murtii garee murtiin abbaa mirgaa ta'eef dhuma irratti murteessuu hin dabalatu.
- 7) Baasii fi kasaaraa adeemsa falmii keessatti uumamu namni harka qalleeyyii ta'ee kaffaluu kan hin dandeenye ta'uu isaa Manni Hojichaa fi caasaalee isaa sadarkaan jiran kallattii adda addaatiin qulqulleeftanii murteessuu qabu.
- 8) Namni harka qalleeyyii ta'ee baasii fi kasaaraa jedhame kana kaffaluu osoo danda'uu kaffaluudhaaf fedha kan hin qabne fi kaffaltii sana malee falmiin kan itti fufuu hin danda'amne yoo ta'e, Manni Hojichaa fi Caasaaleen isaa akka abbaan dhimmaa kun falmicha itti fufuuf hin barbaanetti fudhatamee falmii jalqabamee addaan kutuu ni danda'a.

**Haala Walitti Dhufeenyaa Manneen Hojii Mootummaa/ dhaabbilee misooma mootummaa fi Mana Hojichaa gidduutti Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Irratti Jiraachuu Qabu.**

<b>Dhimmamt oota</b>	<b>Qaama dhimmamtootaa</b>	<b>Sababoota dhimmamaa taasisan</b>
<b>Dhimmamt oota keessaa</b>	Hooggansa Olaanaa ykn manajimantii Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala	Hojii kana milkeessuuf tumsa barbaachisaa gochuu
	Garee komunikeshinii	Hojimaata hariiroo hawwaasaa qopha'ee kana uummanni fi qaamoleen mootummaa adda addaa ykn maamiltootni fi dhimmatootni akka hubatanii deeggarsa barbaachisaa ta'ee kennaan hojii hubannoo uumuu hojjechuu.
	Daayirektoreetii Dhimmoota yakka Adda Addaa; Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka malaammaltummaa fi Taaksii	Namoota yakkaan miidhaan qaamaa irra gahe irratti ragaa fi odeeffannoo kennu, namoota wabii waamanii badan qarshiin wabummaa akka Mootummaaf galii tahuu, akkasumas namoota adabbii qarshii irratti kenname dhaddacha irratti akka mootummaaf galii tahu gaafachuu. Ajaja m/murtii kennes Daayirektoreetii Dhimmoota HH 'tiif kennuu qabu.
	Daayirektoreetii Bittaa fi Bulchiinsa Faayinaasii	Dhimmoota Loojistikii fi baasii adda addaa Daayirektoreetii kanaaf hayyamamu karoora irratti qabachuun yeroon mijeessu,
	Daayirektoreetii Mirkaneessaa Sanadootaa fi Kenna Hayyamaa	Abuukkoon dirqama isaanii bahaa jiraachuu(tajaajila deeggarsa seeraa bilisaa fi kkf) akka kennaan hojii maata isaa diriirsuu fi hordofuu,

	Daayirektoreetii Bulchiinsa Qabeenya Namaa fi Waajjira Gumii	Ogeessaa fi hojjetaa adeemsa kanaaf barbaachisu yeroon guutuu, carraa leenjii adda addaa mijeessuun ga'umsa Ogeessaa akka cimuu taasisuu,
	Daayirektoreetii Qo'annoo, Wixinee fi Hubannoo Seeraa	Seerotaa fi Dambii adda adda bahu keessatti dantaa uummataa fi mootummaa gama hariiroo haawwasatiin jiru kan kabachiisuu ta'uu isaa mirkaneesuu qabu. Akkasumas dambii fi qajjeelfama dhimmi hariiroo haawwasaa ittiin lafa qabatu baasuu.
	Daayirektoreetii Inispekshinii	Abbootii Alangaa hojjimaata hariiroo haawwasaa eeguun raawwatamuu isaa hordoffuu fi kanneen badii naamusaa qaban irratti tarkaanfiin akka fudhatamu taasiisuu.
	Garee ICT	Qabiinsa ragaa Hariiroo Haawwasaa ammayyeesuu. ( Digital Data base)
	Daayirektoreetii Idileessuu Koorniyaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa	Dubartoota fi daa'iman miidhaan mirgaa irra qaqqabee falmachuuf humna hin qabne adda baasuun deeggarsi barbachisaan akka taasifamuuf taasisuu
<b>Dhimmamt oota Alaa</b>	Abbba Taayitaa Geejjibaa Naannoo fi Feedaraalaa	Konkolaataa tilmaamuu fi odeeffannoo waa'ee konkolataa illaaltuu fi deeggarsa biroo irraa barbaachisu kennuu.
	Biirroo Misooma Magaalaa fi Manneenii ykn Abbaa Taayitaa Konistrakshinii	Proojektii hordofuu, ragaa Ogummaa Ijaarsaa pirojektoota (bu'uralee misoomaa ) irratti barbaadaman haqummaarratti kan hundaa'ee barreeffamaa fi qaaman kennuu
	Komishinii karoora;	Raawwii pirojektoota hordofuu, Kaffaltiin gaafatamu akkataa waliigaltetiin raawwatamu isaa adda baafachuu. Karoorri bahu haala dantaa uummataa fi mootummaa kabachiisuun bahuu fi raawwatamaa jiraachuu isaa hubachuu. Hanqinalee gama kanaan jiran qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu. Ragaa gaafataman dafanii deebii itti kennu.
	Biirroo Maallaqaa fi Walta'iinsa dinagdee	Kaffaltiin pirojektoota mootummaaf kaffalamu bu'uuraa walii galtee seennamee fi haala dantaa ummataa fi mootummaa hin miineen raawwatamuu isaa mirkaneefachuu.

Naannoo fi Federalaa	<p>Keessumattuu sadarkaan raawwiin pirojektichaa irraa gahee fi mahallaqni kaffaltiif gaafatmu wal madaaluu isaa adda baafachuu qaba. Hanqinalee gama kanaan jiru adda baasuun qaama ilaallatu beeksiisuu qaba.</p> <p>-Baajeetni manneen hojii mootummaaf ramadamu sirna itti fayyadama baajetaa kan eegee hojjiraa oolee fi qisaasamaaf kan hin saaxilamne ta'uu hordoffii taasisuun mirkaneefachuu. Barbaachisaa bakka ta'ettiis odiitii taasisuun bu'aa odiitii qaama illaallatuuf kennuu qabu.</p>
Manneen Murtii Naannoo fi Federaala	Murtii haqaa qabeessaa fi Ariifataa ta'e kennuu,
Dhaabbilee Fayyaa naannoo fi Federaalaa	Namoota ga'umsa hin qabne kanneen miidhaan qaama irra gaheef ragaa yaalaa kennuu,
Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Bulchiinsa Mootummaa Federaalaa, Bulchiinsa M/Finfinnee fi Bulchiinsa naannoolee biro kamiyyuu	Ragaa dhimmoota hariiroo hawwasaa waliin walqabatan kennuu fi namoota dhimma hariiroo haawwasaatiin barbaadaman akka seeratti dhiyaatan akkasumas raawwii irratti deggersa barbaachisaa taasiisuu,
Eejansi Bittaa fi Dhabamsiisa Meeshaa	Sirni biittaa fi dhabamsiisa Meeshaalee mootummaa seerootaa fi hojjimaata dhimma kanaaf bahan hordofuun raawwatamuu isaa mirkaneefachuu qabu.
Mana Hojii Oditara Muummichaa	Akkataan itti fayyadama baajjetaa fi qabeenyaa Manneen hojii mootummaa seerootaa fi hojjimaata kan hordoffe ta'uu isaa akkataa karoora isaatiin odiitii taasisuun bu'aa isaa qaama illaallatuuf kennuu. Akkasumas bakka qisaasamni jira jedhame shakkameetti yemmuu gaafatamu deeggarsa ogummaa isaa kennuun bu'aa isaa qaama gaafate

		beeksiisuu.
Koomishina Poolisii Oromiyaa fi Federaalaaa		Ragaa dhimma hariiroo hawwasaatiif gama poolisitiin qulqullayee dhiyaachuu qabu kamiyyuu qulqulleesuun yeroodhaan deebii kennuu fi adeemsa himannaa, falmii fi raawwii keessatti dhimmoota poolisiin akka raawwatu gaafataman yeroodhaan deggersa barbaachisuu kennu. Akkasumas dhimma hariiroo haawwasaa ilaalchisee ajaaja mana murtii irraa kennaman ariitiidhaan akka hojjirra ooliu taasisuu.
Mootummaa Federaalaa		Leenjii fi deggersa barbaachisuu kamiyyuu gochuu
Dhaabbilee ykn namoota dhuunfaa		Dhimma hariiroo haawwasaa ilaalchisee Odeeffannoo kennuu, ragaa bahuu fi tumsa irraa eegamu kamiyyuu kennuu
Waldaalee Abukaattoo		Harka qalleeyyiidhaaf tajaajila bilisaa kennuu fi Haqaaf tumsa gochuu

**KUTAA SAGAL**  
**DHIMMOOTA ADDA ADDAA**

**77. Hojii Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hogganaa Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraa**

Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hoogganaan Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraa hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Dhaddachaalee Dhaabbii fi Daayirektoreeticha ol'aantummaan ni hooggana;
- 2) komii Abbootii dhimmaa Dhaddachaalee yookiin Daayirektoreetii irratti dhiyaatu ilaalee furmaata ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
- 3) murtii sadarkaa Dhaddachaaleetti yookiin Daayirektoreetiitti Garee Abbootii Alangaatiin murtaa'e ilaaluuf Paanaalii Waliigalaa walitti ni qaba;
- 4) aangoo Abbaan Alangaa Waliigalaa ifaan bakka buuse yookiin qoodee kenne ni raawwata;
- 5) Labsii Lakk 214/2011 keewwata 12/2/ jalatti kan tumame jiraatus, dhimmoota Hariiroo Hawaasaa walqabatee hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatiif seeraan yookiin hojimaataan kenname bakka Abbaan Alangaa Waliigalaa hin jirretti bakka bu'ee ni hojjata.

**78. Gurmaa'ina fi Hojii Paanaalii Waliigalaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa**

- 1) Paanaaliin Abbootii Alangaa Waliigalaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hogganaa Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraatiin yookiin nama inni bakka buusuun kan walitti qabamu ta'a.
- 2) Paanaaliin kun miseensota nama toorba kan qabu yoo ta'u, miseensonni kunis:
  - (a) Hooggannaa Damichaa- Walitti qabaa;
  - (b) Daarektara Dhimmoota Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa -Miseensa
  - (c) Daarektara Dhimmoota Yakka Adda Addaa-Miseensa
  - (d) Daarektara Yakka Malaammaltummaa fi Taaksii -Miseensa
  - (e) Abbootii Alangaa muuxannoo fi dandeetii ol'aanaa qaban ta'ee Hoogganaa Damichaan kan filataman namoota 3-miseensa.
- 3) Abbootiin Alangaa Paanaalii Waliigalaa keessatti hirmaachuuf filataman akkuma barbaachisummaa isaatti Hoogganaa Dameetiin yeroo yeroon jijjiiramuu ni danda'u.
- 4) Miseensota Paanaalichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman mariin kan gaggeeffamu ta'a.

- 5) Murtiin Paanaalii Waliigalaa sagalee caalmaan kan murtaa’u ta’ee, sagaleen miseensota paanaalicha irratti argamanii walqixa yoo ta’e sagaleen walitti qabaan deeggare murtii paanaalichaa ta’a.
- 6) Yaadni yookiin sagaleen addaa yoo jiraate qaboo yaa’ii irratti barreeffamee taa’uu qaba.
- 7) Abbaan Alangaa dhimma marii gareen murteessu irratti yaada isaa karaa ifaa fi bilisa ta’een kennuu qaba, akkasumas, Abbaan Alangaa galmee qoratee mariif dhiheessu ijoo fi ragaa galmee keessa jiru duguugee dhiyeessuu qaba.
- 8) Hojiiwwan biroo kennameef raawwachuun akkuma eeggametti ta’ee, miseensotni paanaaliichaa galmeewwan Hoogganaa Dameetiin qajeelfamuuf qoratanii paanaaliif ni dhiheessu; murtii paanaalii ni barreessu; qaama dhimmi ilaalu ni beeksisu yookiin akka beekamu ni taasisuu.
- 9) Paanaalichi Murtii Garee Abbootii Alangaa Dhaddachaalee yookiin Daayirektoreetiin kennaman ilaalee akka barbaachisummaa isaatti ni cimsa; ni foyyeessa; ni haqa; yookiin dhimmichi irra deebi’amee akka qulqullaa’u ni taasisa.
- 10) Qaamni Murtii Paanaalii Waliigalaa irraa komii qabu komii isaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti dhiyeeffachuu ni danda’a.

#### **79. Gurmaa’ina Garee Abbootii Alangaa Naannoo Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa**

- 1) Gareen Abbootii Alangaa Naannoo Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Abbootii Alangaa Daayirektoreticha jala jiran hunda kan haammatu ta’ee, miseensota garichaa keessaa yoo xiqqaate namootni sadii yoo argaman mariin kan gaggeeffamu ta’a.
- 2) Daarektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii garee bu’uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti hundeeffaman walitti ni qaba; bakka Daarektarri yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii hin jirretti namni daayirekterri yookiin Qindeessaan dhaddacha dhaabbii bakka buse walitti qabaa ta’a.
- 3) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Naannoo sagalee caalmaan kan murtaa’u ta’ee, sagaleen miseensota Garichaa walqixa yoo ta’e sagaleen walitti qabaan deeggare murtii Garichaa ta’a.
- 4) Yaadni garee sagalee addaa qaboo yaa’ii irratti barreeffamee taa’uu qaba.
- 5) Abbaan Alangaa dhimma marii gareen murteessu irratti yaada isaa karaa ifaa fi bilisa ta’een kennuu qaba, akkasumas, Abbaan Alangaa galmee qoratee mariif dhiheessu ijoo fi ragaa galmee keessa jiru duguugee dhiyeessuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa galmee marii Garee Abbootii Alangaatiif dhiyaatu irraa walitti bu’iinsa fayidaa /conflict of interest/ yoo qabaate marii garee irratti hirmaachuu hin qabu.

- 7) Abbaan Alangaa galmee qoratee mariif dhiheesse garee sagalee xiqqaa yoo deeggare walitti qabaan garichaa caalmaatti galmichi bu'aa qabeessa ta'a jedhee yoo itti amane Abbaa Alangaa garee sagalee caalmaa keessaa jiruuf galmicha qajeelchu ni danda'a.
- 8) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Naannootiin kennamuu Qaboon yaa'ii qabatamee hirmaattotaan mallattaa'uu qaba.

#### **80. Aangoo fi Hojii Garee Abbootii Alangaa Naannoo dhimmoota Hariiroo Hawaasaa**

- 1) Gareen Abbootii Alangaa Naannoo Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa hojiiwwan armaan gadii raawwata:
  - (a) Galmee dhimmoota hariiroo kallattii dhiyaatu irratti ni mari'ata;
  - (b) Galmee dhimmoota hariiroo falmiin ala wal-dhabdeen ittiin hiikamu biro irratti mari'achuun murtii ni kenna.
  - (c) Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa qajeelfamaaf Godina irraa dhihaatu irratti ni mari'ata;
  - (d) murtii galmee Abbaan Alangaa Godinaa dhimma hariiroo hawaasaa irratti kenne kan fooyya'u yookiin jijjiramu yoo ta'e ni mari'ata;
  - (e) yaada komii ol'iyyataa yookiin iyyataa deeggaru kennuuf ni mari'ata;
- 2) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Naannootiin kennamu garagalchaan Hoogganaa Damee Bulchiinsa Falmii Seeraatiif beeksifamu qaba.
- 3) Hoogganaan Damee bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin Murtiin Garee Abbootii Alangaa isa dhaqqabe murticha ilaaluun murtichi ni jijjirama yookiin ni fooyya'a jedhee yoo amane paanaalii waliigalaatiif ni dhiheessa.
- 4) Namni murtii Garee Abbootii Alangaatiin kennamu kamiirraayyuu komii qabu komii isaa Hoogganaa Damichaaf dhiheeffachuu ni danda'a.
- 5) Dhimmoota marii gareetiin akka murtaa'u jedhaman Daayirekterri yookiin Abbaan Adeemsaa dhimmichi salphaa fi marii kan hin barbaachifne ta'uu yoo itti amane marii malee Abbaa Alangaa galmicha qabateen akka murtaa'u taasisuu ni danda'a.

#### **81. Gurmaa'insa Garee Abbootii Alangaa Godinaa**

- 1) Gareen Abbootii Alangaa Godinaa dhimmoota hariiroo hawaasaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa Abbootii Alangaa Adeemsicha jala jiran hunda kan haammatu ta'ee, miseensoota garichaa keessaa yoo xiqqaate namootni sadii yoo argaman mariin kan gaggeeffamu ta'a.
- 2) Abbaan Adeemsaa Garee bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin gurmaa'an walitti ni qaba; bakka Abbaan Adeemsaa hin jirretti namni innii bakka buuse walitti qabaa ta'a.

- 3) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Godinaa sagalee caalmaan kan murtaa’u ta’ee, sagaleen miseensota Garichaa walqixa yoo ta’e sagaleen walitti qabaan deeggare murtii Garichaa ta’a.
- 4) Yaadni garee sagalee addaa qaboo yaa’ii irratti barreeffamee taa’uu qaba.
- 5) Abbaan Alangaa dhimma marii gareen murteessuu irratti yaada isaa karaa ifaa fi bilisa ta’een kennuu qaba, akkasumas, Abbaan Alangaa galmee qoratee mariif dhiheessu ijoo fi ragaa galmee keessa jiru duguugee dhiyeessuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa galmee marii Garee Abbootii Alangaatiif dhiyaatu irraa walitti bu’iinsa fayidaa /conflict of interest/ yoo qabaate marii garee irratti hirmaachuu hin qabu.
- 7) Abbaan Alangaa galmee qoratee mariif dhiheesse garee sagalee xiqqaa yoo deeggare walitti qabaan garichaa caalmaatti galmichi bu’aa qabeessa ta’a jedhee yoo itti amane Abbaa Alangaa garee sagalee caalmaa keessa jiruuf galmicha qajeelchuu ni danda’a.
- 8) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Godinaatiin kennamu Qaboon yaa’ii qabatamee hirmaattotaan mallattaa’uu qaba.

## **82. Aangoo fi Hojii Garee Abbootii Alangaa Godinaa**

- 1) Gareen Abbootii Alangaa Godinaa hojiiwwan armaan gadii raawwata:
  - a) Galmee Hariiroo hawaasaa himata kallattii dhiyaatu irratti ni mari’ata;
  - b) Galmee hariiroo hawaasaa hinhimachiisu jedhamee cufamu irratti ni mari’ata;
  - c) Galmee hariiroo hawaasaa walta’iinsa taasiisuun falmii himannaatiin ala tarkaanfiiwwan filannoo kan biroo akka fudhataman Abbaan Adeemsa yoo dhiheessee murtii ni kenna;
  - d) dhimmoota hariiroo hawaasaa qajeelfamaaf Aanaa irraa dhihaatu irratti ni mari’ata;
  - e) murtii galmee Abbaan Alangaa aanaa dhimma hariiroo hawaasaa irratti kenne kan fooyya’u yookiin jijjiramu yoo ta’e ni mari’ata;
  - f) Yaada komii hariiroo hawaasaa ol’iyyataa deeggaru kennuuf Abbaan Alangaa yoo dhiheesse ni murteessa.
  - g) Dhimmoota marii gareetiin akka murtaa’u jedhaman Abbaan Adeemsa dhimmichi salphaa fi marii kan hin barbaachifne ta’uu yoo itti amane marii malee Abbaa Alangaa galmicha qabateen akka murtaa’u taasisuu ni danda’a.
- 2) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Godinaa galmee hariiroo hawaasaa cufuu yookiin addaan kutuu kennamu garagalachaan Daarektoreetii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa yookiin Dhaddacha Dhaabbii dhimmi ilaallatutti beeksifamuu qaba.

- 3) Daayirekterri /Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii/ bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin Murtiin Garee Abbootii Alangaa Godinaa isa dhaqqabe ilaaluun murtichi ni jijjirama yookiin ni fooyya'a jedhee yoo amane Garee Abbootii Alangaa Naannoo dhimmicha ilaaluuf ni dhiheessa.
- 4) Namni murtii Garee Abbootii Alangaa Godinaatiin kennamu irraa komii qabu, komii isaa Daayirektoreetiitti yookiin Dhaddacha Dhaabbiitti dhiheeffachuu ni danda'a.

### **83. Gurmaa'insa Garee Abbootii Alangaa Aanaa/Magaala**

- 1) Gareen Abbootii Alangaa aanaa dhimmoota hariiroo hawaasaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa Abbootii Alangaa Adeemsa Hojii dhimmoota Falmii jala jiran hunda kan haammatu ta'ee, miseensoota garichaa keessaa yoo xiqqaate namootni sadii yoo argaman mariin kan gaggeeffamu ta'a.
- 2) Abbaan Adeemsa Garee bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin gurmaa'an walitti ni qaba; bakka Abbaan Adeemsa hin jirretti namni innii bakka buuse walitti qabaa ta'a.
- 3) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Aanaa sagalee caalmaan kan murtaa'u ta'ee, sagaleen miseensota Garichaa walqixa yoo ta'e sagaleen walitti qabaan deeggare murtii Garichaa ta'a.
- 4) Yaadni garee sagalee addaa qaboo yaa'ii irratti barreeffamee taa'uu qaba.
- 5) Abbaan Alangaa dhimma marii gareen murteessuu irratti yaada isaa karaa ifaa fi bilisa ta'een kennuu qaba, akkasumas, Abbaan Alangaa galmee qoratee mariif dhiheessu ijoo fi ragaa galmee keessa jiru duguugee dhiyeessuu qaba.
- 6) Abbaan Alangaa galmee marii Garee Abbootii Alangaatiif dhiyaatu irraa walitti bu'iinsa fayidaa /conflict of interest/ yoo qabaate marii garee irratti hirmaachuu hin qabu.
- 7) Abbaan Alangaa galmee qoratee mariif dhiheesse garee sagalee xiqqaa yoo deeggare walitti qabaan garichaa caalmaatti galmichi bu'aa qabeessa ta'a jedhee yoo itti amane Abbaa Alangaa garee sagalee caalmaa keessa jiruuf galmicha qajeelchuu ni danda'a.
- 8) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Aanaatiin kennamu Qaboon yaa'ii qabatamee hirmaattotaan mallattaa'uu qaba.

### **84. Aangoo fi Hojii Garee Abbootii Alangaa Aanaa/Magaala**

- 9) Gareen Abbootii Alangaa Aanaa hojiiwwan armaan gadii raawwata:
  - a) galmee Hariiroo hawaasaa himata kallattii dhiyaatu keessumattuu kanneen walxaxaa ta'an irratti ni mari'ata;

- b) galmee hariiroo hawaasaa hinhimachiisu jedhamee cufamu irratti ni mari'ata;
  - c) Galmee hariiroo hawaasaa walta'iinsa taasiisuun falmii himannaatiin ala tarkaanfiiwwan filannoo kan biroo akka fudhataman Abbaan Adeemsa yoo dhiheessee murtii ni kenna;
  - d) dhimmoota marii gareetiin akka murtaa'u jedhaman Abbaan Adeemsa dhimmichi salphaa fi marii kan hin barbaachifne ta'uu yoo itti amane marii malee Abbaa Alangaa galmicha qabateen akka murtaa'u taasisuu ni danda'a.
- 5) Murtiin Garee Abbootii Alangaa Aanaa galmee hariiroo hawaasaa cufuu yookiin addaan kutuu kennamu garagalachaan Adeemsa Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Godinaa beeksifamuu qaba.
- 6) Namni murtii Garee Abbootii Alangaa Aanaatiin kennamu irraa komii qabu, komii isaa Abbaan Adeemsa dhimmoota hariiroo hawaasaa Godinaatti dhiheeffachuu ni danda'a.

#### **85. Itti Waamama Daayirektera Daarektoretichaa**

Daayirekterri Daarektoretii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hoggannaa Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraatiif kan itti waamamu ta'a.

#### **86. Hojii Daayirektera Daayirektoretichaa**

Daayirekterri Daayirektoretichaa hojiiwwan armaan gadii ni raawwata:

- 1) karoora mana hojichaa irraa ka'uun karoora daayirektoretichaa ni qopheessa, ni mirkaneessisa, gareeleef caccabsee ni kenna, hojiirra oolmaa fi raawwii karoorichaa ni hordofa;
- 2) hojiiwwan daarektoretichaa ol'aantummaan ni qajeelcha, ni qindeessa, ni hordofa, ni deeggara, ni gamaggama, bu'aa qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa;
- 3) dantaa uummataa fi mootummaa dhimmoota hariiroo hawaasaa sadarkaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatti ilaalaman abbummaan ni hooggana.
- 4) hojiiwwan dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa mana hojichaa fi caasaalee isaa akkasumas manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa sirnaan raawwatamuu isaanii ni hordofa, yaadota sadarkaa sadarkaadhaan murtiif dhiyaatan sakatta'uudhaan murtii ni kenna;
- 5) dhimmoota hariiroo hawaasaa ilaalchisee hojiiwwan manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti raawwatam ni hordofa, deeggarsa ni taasisa;

- 6) dantaa uummataa fi mootummaa kabachiisuuf jecha odeeffannoo yookiin eeruu qisaasama qabeenya mootummaa fi uummataa dhihaatu qaama kaminiyyuu dhiyaatu qulqulla’u ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
- 7) hojimaata galmeeleen dhimmoota hariiroo hawaasaa qindaa’anii sirnaan itti qabaman ni diriirsa, ni hordofa;
- 8) qaama biro waliin ta’uun hojiiwwan qabeenya qisaasame qorachuu, bulchuu fi deebisiisuu hojjataman sirnaa fi seeraan raawwatamaa jiraachuu ni hordofa, ni gamaggama, deeggarsa ni kenna, yaada murtii sadarkaa sadarkaadhaan dhiyaataniif sakatta’uun murtii ni kenna;
- 9) qaama dhimmi ilaalu waliin ta’uun qabeenyi akka gurguramu yookiin mootummaaf galii akka ta’u murtaa’e akka raawwatamu ni taasisa; hojiirra oolmaa ni hordofa;
- 10) dhimma abbaan Alangaa bakka bu’ee falmu irratti manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa durgoo fi baasiin geejjibaa ragaa-baatotaa dhimma falmii hariiroo hawaasaaf kaffaluu isaanii ni mirkaneessa ;
- 11) Maanuwaalotni fi qajeelfamootni hojii daayirektoretichaa bu’aa qabeessa akka ta’u dandeessisan akka qophaa’an ni taasisa, yeroo yeroon ni fooyyessa; akka fooyya’u ni taasisa;
- 12) hojiin daayirektoretichaa bu’uura hojimaata, qajeelfamootaa fi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa jiraachuu ni hordofa;
- 13) hojimaata daayirektoretichaa ilaalchisee muuxannoowwan gaggaariin akka horatamu, fudhatamuu fi wal-jijjiramuu haala ni mijeessa;
- 14) naannoon hojii mijaa’aan akka uumamu ni taasisa, leecalloo fi humni namaa tajaajila hojii daayirektoretichaaf barbaachisan akka guuttaman qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;
- 15) qaawwa dandeettii raawwachuu gareelee fi ogeessota bira jiru adda ni baasa, akka fooyya’u ni taasisa;
- 16) komiiwwanii fi iyyannoo tajaajilamaa irraa dhiyaatan ni fuudha, ni qorata, ni sakatta’a, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 17) Gareelee fi ogeessotni daayirektoretichaa naamusa gaariin hojii akka raawwataniif ni jajjabeessa, ni deeggara, kanneen naamusa cabsan gaafatamaa ni taasisa;
- 18) Karoora fi raawwii gareelee ni gamaggama, ni madaala, ciminaa fi dadhabina yookiin hanqina jiru addaan ni baasa, haala dadhabinni yookiin hanqinni mul’ate itti sirraa’uu fi ciminni mul’ate daraan cimee itti fufuu qabu ni mijeessa; gabaasa raawwii hojii daayirektoretichaa qopheessuun hoggansa mana hojichaaf ni dhiyeessa;

19)Hojiwwan biroo Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaan isaaf kennamu ni raawwata.

#### **87. Dhimoota Tajaajilli Irratti Hin Kennamne ykn Haala Tajaajilli Addaan itti Citu**

- 1) Qaamni tajaajila seeraa argachuuf gaaffii dhiyeesse dhimmi inni tajaajila argachuuf gaafate kun sababa walitti dhufeenya qaama biroo bu'uura maanuwaalii kanaatiin tajaajila seera Mana hojichaa fi caasaalee isaa irraa argachuudhaaf mirga qabu waliin jiruun kan uumamee yoo ta'e bu'uura Maanuwaalii kanaatiin tajaajilli hin kennamu. Haa ta'uu malee gaaffii tajaajila seeraa akkaataa kanaan dhiyaate irratti haalli itti tajaajila karaa birootiin argachuu qaban ni mija'a. Gama biraatiin immoo gareen lamaan kun mala filannoo biroon waldiddaa hiikuutiin dhimmichi furmata akka argatan gochuu wanti dhorku hin jiru.
- 2) Haa ta'uu malee, dhimmi falmii himannaaf ka'umsa ta'e garee Mana hojichaa fi caasaalee isarraa tajaajila seeraa argachuudhaaf bu'uura maanuwaalii kanaan mirga qaban (Namoota harka qaleeyyii ta'an yookiin namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gaheefi himata dhiyeeffachuufi falmuuf humna hin qabne yookiin Namoota himannaa hariiroo ha-waasaa banuuf humna dhaban keessumaayyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidham-tootaafi maanguddoota) jidduutti kan uumamu yoo tahe Manni hojichaa yookiin caasaaleen isaa tajaajila falmii himannaa kennuu kan qabu manneen hojii mootummaatiif yoo tahu gareen biroo ammoo tajaajila deeggarsa seeraa bilisaa mana hojichaa fi caasaalee isaatiin ala jiraniin(Abukaatoo, Yuunivarsitiiwwan hayyama abukaatummaa qabani fi kkf) akka falmatu haala ni mijeessa. Falmiin geggeeffamus haqummaa dhimmichaa baasuu irraatti kan xiyyeeffatee fi gareean walfalman lameenuu dirqama isaanirraa barbaadamu karaa seeraatiin akka bahan taasiisuuf ta'uu qaba.
- 3) Ragaan hiyyummaa namni harka qalleeyyii ta'e dhiyeeffatee sanadootni gaaffiin mirgaa isaa irratti hundaa'ee dhiyaate kan sobaa ta'uun isaa yoo mirkana'ee tajaajilli hin kennamu. Soba ta'uun sanadichaa erga tajaajilli kennamuu eegalee booda kan beekame yoo ta'ee tajaajilichi addaan kan citu ta'aa.
- 4) Lammiin harka qalleessa ta'e gaaffii tajaajilaa dhiyeeffate tajaajila argachuu erga eegaleen booda hiyyeessa ta'uu dhabuun isaa kan bira qaqqabame yoo ta'e tajaajilli kennamuu jalqabee kan addaan citu ta'aa. Bu'uura kanaan tajaajilli kan addaan cite yoo ta'ee odeeffannoon sadarkaa dhimmichi irra gahee ibsu qaama tajaajila gaafateef ykn oggeessaa seeraa bakka bu'eef odeefanichi kan kennamuuf ta'a.

## 88. Sirna Komiin Ittiin Dhiyaatu

- 1) Komiiwwan adeemsa ol'iyannootiin qaama itti aanuutti dhiyaachuun sirrachuu qaban akkuma eeggametti ta'ee, komiiwwan tajaajilaa bu'uura maanuwaalii kanaatiin kennaman irratti dhiyaatan kamiyyuu bu'uura tumaalee keewwata kana jalatti caqasamaniin kan dhiyaatu ta'a.
- 2) Qaamni tajaajjila caasaa mana hojichaa sadarkaa Godinaatti kenname irratti komii qabu komii isaa Daayirektoreetii Dhimmoota Hariiroo Hawwasaatti dhiyeeffachuu ni danda'a. Murtii Daayirekterri komii dhiyaaterratti kannee kanatti kan hin quufne yoo ta'e immoo itti aana Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hogganaa Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraa ykn Abbaa Alangaa Waliigalaatti dhiyeefachuu ni danda'a.
- 3) Qaamni tajaajila Abbaan Alangaa dhaddachalee dhaabbii kennan irratti komii qabu komii isaa qindeessaa dhaddachaalee dhaabbittii dhiyeefachuu ni danda'a. Murtii qindeessaan kennuu kan komatu yoo ta'ee immoo immoo Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hogganaa Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraatti dhiyeefachuu ni danda'a. Ammas murtee kennametti kan hin quufne yoo ta'ee Abbaa Alangaa Waliigalaatti dhiyeefachuu ni danda'a.
- 4) Qaamni tajaajila Abbaan Alangaa Aanaa ykn godinaa kenneerratti komii qabu komii isaa abbaa adeemsa hojii Dhimmoota Falmii Aanaa ykn Abbaa Adeemsa Hojii dhimmoota Harooroo Hawaasaa Godinatti walduraa duubaan dhiyeefachuu ni danda'a. Murtii sadarkaa Abbaa Adeemsa tiin kennamerratti komiin yoo jiraate itti gaafatama Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa sana jirutti ni dhiyaata. Akkasumas qaamni murtii Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaatiin kenname komtu komii isaa Mana Hojii Abbaa Alangaa godinatti, kan murtii Mana Hojii Abbaa Alangaa godina komatu immoo dhaddachalee dhaabbitti ykn Daayirektoreetii Dhimmoota hariiroo haawwasaa Mana Hojichaatti dhiyeefachuu ni danda'a.
- 5) Akka waliigalaatti qaamni murtii Abbaa Alangaa sadarkaan jiru kenne irratti komii qabu hooggansa dhiyoo sadarkaa sanaa fi sadarkaa itti aanutti argamanitti dhiyeeffachuun akkuma eeggametti ta'ee, qaamni murtii sadarkaa kamituu kennametti kan hin quufne yoo ta'ee Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hogganaa Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraa ykn Abbaa Alangaa Waliigalaatti dhiyeefachuu mirga ni qabaata.
- 6) Abbaan Alangaa sadarkaa kamittiyyuu argamu tajaajila kennu irratti murtii kennu irratti tajaajilamaan barreeffamaan akka kennuuf yoo gaafatame murtii kenne barreeffamaan tajaajilamaadhaaf kennuu qaba.

- 7) Bu'uura kanaatiin gareen komii qabu komii isaa afaaniin, barreeffamaan, faaksiidhaan,, poostaadhaan,ykn immeeliidhaan dhiyeeffachuu kan danda'u ta'ee, kunis ragaan barreeffamaan tajaajilamaadhaaf kennamee yoo jiraate koppiin isaa waliin qabsiisee dhiyesuu qaba.

#### **89. Sirna Gabaasni Itti Dhiyaatu**

- 1) Bu'uura maanuwaalii kanaatiin tajaajila ykn hojiiwwan hariiroo haawwaasaa Caasaalee Mana Hojichaa sadarkaa adda addaatiin raawwataman kamiyyuu Qindeessaan Dhaddachalee fi abbootiin adeemsa hojii dhimmoota hariiroo haawwaasaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa Godinaa jiran baatii sadi sadiin gabaasa isaanii qindeesuun jiini dhuma kuramaanaa seenee guyyaa 20 dura gabaasa adeemsa hojii dhimmoota hariiroo haawwasaa Mana Hojichaatiif dhiyesuu qaba. Akkasumas, oggeesotni seeraa manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran raawwii dhimma hariiroo haawwasaa isaanii qindeesuudhaan kurmaana kurmaanaan adeemsaalee hojii hariiroo haawaasaa sadarkaa isaanii jirutti kan dhiyeesan ta'ee oggeessi seeraa sadarkaa naannoo jiru immoo kan godinaalee fi aanaalee dabalatee Daayirektoreetii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaatiif gabaasa guutuu dhiyesuu qabu. Daayirektoretichis gabaasicha wali'tti qindeessuun Abbaa Alangaa Waliigalaa fi qaama dhimmi ilaallatu kan biroofiis dhiyesuu qaba.
- 2) Adeemsi gabaasni itti dhiyaatu olitti ibsame akkuma eegametti ta'ee, gabaasni raawwii dhimmoota hariiroo haawwaasaa akkuma barbaachisummaa isaatti uunkalee qopha'uurratti hundaa'uun ji'a ji'aa fi yeroo gaafatamanitti adeemsaalee hariiroo haawwasaa sadarkaan jiranii fi Mana Hojichaatiif dhiyesuu qabu.
- 3) Gabaasni raawwii hojii manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa Caasaa mana hojichaa sadarkaan jiraniif dhiyeessan akkuma eegametti ta'ee, oggeesotni manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa sadarkaa sadarkaadhan jiran gabaasni mana hojii isaaniif dhiyeessan akkuma jirutti kan eegameedha.
- 4) Gabaasni Raawwii hojii Caasaaleen mana hojichaa yeroo isaa eeggatanii qaama itti aanuuf dhiyeessan akkuma eegametti ta'ee, Abbaan Alangaa dhimmoota hariiroo haawwasaa raawwatu kamiyyuu haaluma walfakkaatuunii fi yeroo gaafatametti Daayirektera yookiin Abbaa adeemsa dhimmoota hariiroo haawwasaa sadarkaa isaanitti argamuuf gabaasa kan dhiyeessu ta'a.
- 5) Bu'uura Maanuwaalii kanaatiin gareen hojii dhimmoota hariiroo hawaasaa ilaalchisee gabaasni karaa qindeessaa isaanii dhiyaatu akkuma eegametti ta'ee miseensi kamiyyuu hirmaannaa isaanii gabaasa isaa keessatti hammachisuu qabu.

- 6) B'uura tumaalee armaan olitiin gabaasa dhiyeessuun akkuma eegameetti ta'ee Abbaa Adeemsaa dhimma barbaade irraatii haala fi yeroo barbaade keessatti gabaasa gaafatee fudhachuu ni danda'a.
- 7) Akka waliigalaatti gabaasni dhiyaatu akkaataa sirna gabaasaa Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiin kurmaanaan, walakkaa waggaatiin, baatii sagalii fi waggaadhaan dhiyaachuu qaba.
- 8) Caasaaleen Mana Hojichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran gabaasa dhimmoota hariiroo hawwaasaa manneen hojii mootummaa/dhaabbilee misooma mootummaa irraa dhiyaatu xiinxaluun duub-deebii kennuu fi yeroo gaafatamanittis odeeffannoo sadarkaa dhimmichi irra jiru beeksisuu qabu.

#### **90. Maanuwaalii Fooyyessuu**

Maanuwaaliin kun murtii miseensoota maanajimantii Mana Hojichaatiin yeroo kamiyyuu fooyya'uu ykn jijjiramuu danda'aa.

#### **91. Yeroo Maanuwaaliin Kun Hojii Irra Itti Oolu**

Maanuwaaliin kun guyyaa Manajimantii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiin mirkanaa'e (Guyyaa 14/01/2012) irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Tashoomaa Girmaa  
Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa**

**Fulbaana 14 Bara 2012**

**Finfinnee**